# Maaliif Tiksee Ta'uu qaba

Tucson, Arizona, USA

64-1221

1 An nama lallaba dheeraa fi nuffisiisaa lallabuudha jedheen of tilmaama. Barnoota dhabuu koo irraa kan ka'es namoota tokko tokko biratti akka lallabaatti hin fudhatamu jedheen tilmaama. An lallabaadha ofiin hin jedhu, an akka gommaa 'iskoortaa' ti. Garuu ergaa Waaqayyo irraa dhufe akkan qabutu natti dhaga'ama, karaa kootiin (karaa sana duwwaadhaanan dhi'eessuun qaba), biyya lafaatiif dhi'eessuuf yaalaa akkan jiru natti dhaga'ama. Ergaa sanatti qabamee yoon hin hafne immoo Waaqayyoof gantuu isiniif immoo fakkeessituun ta'a. namni waan tokko dubbatee isa kan biraatti amanu fakkeessituu (hypocrite) dha. Nuyi yeroo hundumaa dhugaa garaa keenya irraa fudhannee dubbachuu qabna. Namoonni yeroo nu ilaalan nu wajjin walii galuu baatanis, nuti dhiirotaa fi dubartoota kabajamoo ta'uu haa barbaannu: garaa keenya irraa fudhannee dhugaa garaa keenya keessaa haa dubbannu.

2 Waggaa darbe, ykn waggaa darbe dura as Raamadaatti carraa ayyaana Kiristanaa irratti…ykn dhiifama, ergaa Ayyaana Qillee (Christmas) irratti dubbachuuf carraa argadheera. Akkasumas mata duree Beeteliheem Xiqqoo Maaliif? Jedhu irratti as ykn Fooniksitti dubbadheera jedheen amana. Bara darbe immoo mata duree Urjii Isaa Baha Biiftuutti Arginee Isa Waaqeffachuu dhufne jedhu irratti asitti dubbadheera jedheen amana.

Ni beektu, Macaafa Qulqulluu dubbifannee, jechoota, "Maaliif?" jedhan ni dinqisiifanna. Halkan kana immoo,yeroo muraasaaf yoo naaf obsitanii fi yoo na waliin kadhattan, Ergaa koo Ayyaana Qillee jedhu isin biraan ga'uufan yaala. Yoo Ayyaanni Qillee itti aanu jiraateef, Ayyaana Qillee isa bara dhufuu eessatti akka dabarsinu Waaqayyo duwwaatu beeka. Kanaafuu hanga irbaata isa kan biraa irra teenyutti, tarii kun Ayyaana Qillee isa dhumaa as teenyee dabarisnu ta'uu danda'a. Inni gosa irabaata isa kanaa keessaa tokko hin ta'u, inni irbaata haaraa isa Isaa wajjin dhuma deemsa keenyaa irratti Mootummaa Abbaa keessatti nyaannu ta'a. Erga akkas ta'ee, kottaa galgala kana akka waan Ayyaana Qillee isa dhumaa waliin dabarsaa jiruutti yaada garaa qulqulluu gadi fagoo ta'een itti haa dhi'aannuu.

3 Halkan kana mata duree hin baratamne irratti dubbachuun barbaada, garuu yeroo tokko tokko wantoota hin baratamne keessatti Waaqayyoon argattu. Inni wantoota haala hin baratamne keessan hojjeta. Karaa baratameen miti, karaa hin baratamnedha, yeroo hin baratamnedha, mul'atawwan hin baratmnedha, Inni hin baratamneedha. Kanas nan barbaada…yoo fedha Gooftaa ta'e mata duree: "Maaliif Tiksee Ta'uu Qaba" jedhu irratti dubbachuun barbaada.

Amma immoo Sagalichatti dhi'aachuu keenya dura, inni ani Waaqayyo ta'uu isaa amanu, "Sagalichi jalqaba waan hundumaa dura ture; Sagalichi Waaqayyo bira ture; Sagalichi ofii isaa Waaqayyo ture. Sagalichis nama foonii ta'ee, nu gidduus buufate."

4 Akkuman torban darbe ykn torban darbe dura Fiiniksiitti dubbadhe, "Wantootni lafa kanaaf bitaman, namoonni, amma gamoo kana keessa darbaa akka jiran mirkanaa'eera." Televizhiiniin kana mirkaneessa. Inni daayimenshiinii biraa keessa jira, ija uumamaa eenyaa fi miirri keenya shanan sana fudhachuu hin danda'an. Televizhiiniin waan tokko illee omiishuu hin danda'u, hojiin isaa dabarsuu qofa. Quba keessan sochoosuu hin dandeessan, ija keessan libsachuu hin dandeessan, garuu bara baraan akka galmaa'u mirkanaa'eera. An dhaabadhee jiraachuun danda'a ta'a….Yookaan namni Awustiraaliyaa keessa jiru tokko asitti iskiriinii televizhiinii qabaata, kana qofa osoo hin taane namichi dubbachuu danda'a, quba isaa sochoosuu danda'a, isa isaa libsachuu danda'a, ykn halluun uffata inni uffatee illee osoo hin hafin as keenyan kana irratti ni mul'ata; Afrikaa, Awustiraaliyaa, addunyaa guutuu irra yoo jiraates akkasuma in ta'a. Argituu, marsaan danbalii eeterii (ether wave) ni jira. An isa ibsuu hin danda'u, garuu akka inni jiru nan beeka. Dhuguma, namni isa ibsuu danda'u waan jiru natti hin fakkaatu. Egaa, televizhiiniin kana harkisee meeshaalee tokko tokkoon dhugoomsuu danda'a, keenyan irratti isaan calaqqisiisuu danda'a.

5 Amma, wanti sun yeroo Addaam as tures asuma ture. Yeroo Eliyaas tulluu Qarmelos irratti ol ba'e televizhiiniin as ture. Yeroo Maartiin Luuter, lubni dargaggeessi sun, irbaata lafatti darbatee, "Inni 'Kosher' dha! Namni qajeelaan amantiidhaan in jiraata" jedhes televizhiiniin as ture. Inni yeroo sanatti asuma ture, garuu amma reefuu arguutti jirra. Inni akkasuma in ta'a, halkan kanas Waaqayyo, ergamoota Waaqayyoo, uumamtoota uumamaa ol ta'an kan miira uumamaa keenyatti hin mul'annetu fuula keenya dura jiru. garuu gaaf tokko akkuma televizhiinii ammaa kana dhugummaa sana arguuf jirra, akkasumas akkuma barame dhugaa ta'uuf jira. Amma, Sababan Sagalicha amaneeftu jira.

Yesuus, "Namni Macaafa Ququlluu kana irratti jecha tokko yoo dabale, yookaan immoo jecha tokko irraa yoo hir'ise, qoodni isaa Macaafa Jireenyaa keessaa ni hir'ifama" jedheera.

6 Kanaafis egaa, nuyis utuu hin dubbisin dura mataa keenya gadi haa qabannu. Baay'ee kabajama! Namni jabina qabu kamuu fuula isaa galagalchee dubbisuu danda'a, garuu Waaqayyo duwwaatu hiika isaa mul'isuu danda'a.

Mataa keenya gara biyyoo lafaa isa irraa dhufnee, isa guyyaa tokko immoo itti deebinuutti gadi qabannee akkuma jirrutti, na dinqa….Yeroo kabajamaa kana keessatti, yeroo Ayyaana Qillee as adeemaa

jiru kana keessatti namni dhuguma anaaf hin malu jettee sitti dhaga'amu yoo jiraatte, kadhannaa kana keessatti yaadatamuu kan barbaaddu, (mataa kee utuu ol hin kaasin) harka kee duwwaa gara Waaqayyootti ol qabdee, “Yaa Gooftaa, Ayyaana Qillee kana keessatti na yaadadhu” in jettaa? Waaqayyo isin haa eebbisu.

7 Abbaa keenya isa Waaqarraa, isa Qulqulluu fi gara laafessa kan taate, Waaqayyo isa hundumaa danda'uu; si urjiin, atoomiin ykn molikiyuuliin tokko utuu hin uumamin dura jalqabumaa kan turte. Ati waan hundumaa karaa Yesuus Kristoos ilma keetiin goote, waan hundumaas isatti tola nuuf kenniteetta. Halkan kana yaa Gooftaa carraa Ati akka walitti qabamnuuf, Hafuura Qulqulluudhaan akka akeekkachiifamnuu fi akka barsiifamnuuf nuuf kenniteef si galateeffanna. Hafuurri Qulqulluunis dubbiiwwan kee fuudhee nuuf in mul'isa, Yesuus, “Hafuurri dhugaa sun yommuu dhufu, gara dhugaa hundumaa keessatti isin in geessa; waan dhufuuf jirus isinitti in mul'isa” jedheera waan ta'eef.

Yaa Waaqayyo, “Dubbiin Caaffata Qulqulla'aa akka namni tokko yaada ofii isaatiin kennutti hiikamuun hin hiikamu” jedhamee waan caafameef, namni Dubbii Kee hiikuuf malu tokko illee nu gidduu hin jiru, lafa kanarras hin jiru. Kanaaf yaa Gooftaa, Si waliin akka deemnuuf Hafuurri Qulqulluun halkan kana tokkoon tokkoon keenya, qooda beela garaa keenya keessa jiru sana quubsuuf nu barbaachisu akka nuuf kennu kadhanna. Nuyi ga'umsa hin qanbu, nuyi xuraa'oodha, nuyi kan hin malledha. Mucaan Beeteliheem keessatti dhalatee jireenya mudaa hin qabne jiraate, Inni lafa irrattis nama mudaa hin qabne tokkicha ta'ee, cubbamoota xuraa'oo akka qulqulleessuu fi Abbaa wajjin walitti dhufeenya akka nuu fiduuf furii ta'ee Ofii Isaa kenne, halkan kanas nuuf haa keennu, Hafuurri Quqlqulluun Isaa (karaa lallaba Sagalee) akkasuma nuuf haa godhu.

8 Yaa Waaqayyo Gooftaa, har'a biyya kana keessa dhukkubsattoonni baay'een jiru, isaan fuula qoricha hunda irra caaluu isa nuti ittiin fayyinee, akkasuma fuula qoricha hundarra gaarii fi hospitaalota hundarra gaarii ta'ee duratti walitti qabamanii jiru. Argannoowwan saayinsaawaa gurguddaa addunyaan qabdu keessatti iyyuu, amma iyyuu dhukkuba addunyaan kanaan dura hin beeknetu jira sababiin isaas cubbuu fi amantii dhabuun isa kanaan dura addunyaan beektu caalaa waan baay'ateef. Yaa hakiima guddaa, halkan kana nu gargaari, dhukkubsattoota nu gidduu jiran fayyisi.

Hafuurichas nuuf kenni, Hafuura dhugaa Ayyaana Qillee nuuf kenni. Yeroo har'aa … akka yeroo sirnoonni waaqa tolfamaa, mukkeen Ayyaana Qillee waaqeffaman, seenaan asoosamaa nama Saantaa Kilaawus jedhamuu, fi hilleettii Faasikaa keenyaa, fi faashiniiwwan addunyaan daldalaa itti fayyadame, Waaqayyo, isaan kun hunduu cinatti haa dhiifaman. Maqaa Isaatiinis ta'e, ulfina Isaatiif waan kadhannuuf, gara Kiristoos Sagalee sanaatti haa seennu. Ameen.

9 Kitaaba Qulqulluu, qulqulluu Luqaas caafe boqonnaa 2ffaa waan dubbifannuuf, ana waliin baafadhaa. Isinitti in dhaga'amaa? Guddistuu sagalee keessaan sagaleen isin jeequ jiraa? Yoo dhaga'uu dandeessan harka keessan ol qabaa. Galatoomaa. Wangeela qulqulluu Luqaas boqonnaa 2ffaa, Lakkoofsa 1-20:

Yeroo sanatti mootummaa warra Roomaa keessa kan jiraatan hundinuu akka caafamaniif, Awugusxos mooticha biraa abboommiin ba'e.

Caafamuun namaa kun isa jalqabaa ture; innis bara Qereenewos Sooriyaatti abbaa biyyaa turetti ta'e.

Kanaaf namni hundinuu adduma addaan of caafsisuudhaaf gara mandara kutaa biyya itti dhalatee dhaqe.

Yooseef sanyii mootichaa Daawit keessaa waan tureef, Galiilaadhaa madara Naazireetii ba'ee, Yihudaa keessaa Betlihem mandara Daawit ga'e.

Kaadhima isaa Maariyaamii wajjin caafamuudhaaf dhaqe; isheen immoo ulfa turte.

Betlihem utuu jiraniis, yeroon Maariyaam itti deessu ga'e;

Angafa ilma ishee deessee lafa bultii kara-deemtuutii iddoo hin arganne waan turaniif, wayyaa itti martee, siree horiin keessaa nyaatu irra ciibsite.

Tiksoonni tokko immoo naanna'aa sanaa bakkeetti halkan darabee dammaqanii, hoolota isaanii in eegu turan.

Ergamaan Waaqayyoo dingata isaan dura dhaabatee, ifni surraa gooftichaas naannoo sanatti ibse; kana irratti isaan na'anii, guddaa sodaatan.

Ergamichi garuu, “hin sodaatinaa! Kunoo, ani misiraachoo gammachuu guddaa isinittan hima'o, kunis saba hundumaaf kan ta'uu dha.

Har'a mandara Daawititti fayyisaan isiniif dhalateera; inni immoo Kristos goofticha.

Milikkinni isaa immoo kana, mucaa wayyaan itti maramee siree horiin keessaa nyaatu irra ciisu in argitu" isaaniin jedhe.

Achumaanis kutata ergamoota Waaqayyoo keessaa baay'een ergamicha kanaa wajjin turan.

Isaan immoo, "Hooqubaan Waaqayyoof waaqa gubbaatti, nagaanis namoota Waaqayyo itti gammaduuf, lafa irratti" jedhanii Waaqayyoon in faarfatu turan.

Ergamoonni Waaqayyoo isaan biraa deebi'anii gara waaqaatti erga ol ba'anii tiksoonni, "Kottaa Betlihem in dhaqnaa, dubbii achitti ta'e, Waaqayyo nutti beeksise kanas in ilaallaa" waliin jedhan.

Arifachaa yommuu dhaqan Maariyaamii fi Yooseefin, mucichas, siree horiin keessaa nyaatu irra ciisee argatan.

Tiksoonni sun mucicha yommuu argan, waan ergamoonni Waaqayyoo waa'ee isaaf isaanitti himan hundumaa mul'isan.

Warri dhaga'an hundinuu immoo waan tiksoonni isaaniitti himanitti baay'ee dinqifatan.

Maariyaam garuu dubbii kana hundumaa garaatti qabattee, itti yaaddi turte.

Tiksoonni sun, isa ergamoonni Waaqayyoo itti himan hundumaa dhaga'anii, akkuma itti dubbatametti ija isaaniitiin waan arganiif, Waaqayyoof hooqubaa dhi'eessaa galateeffachaas gara iddoo isaaniitti deebi'an.

Waaqayyo eebba Isaa Dubbii Sagalee dubbafannetti haa dabalu.

10 Amma, inni….Taatee guddaan kun maaliif tiksootaaf mul'ate? Sun nuuf akka waan ajaa'ibsiisaa ta'e tokkoo ti. Caaffata Qulqulla'aa muraasa barreesseen asii qaba, akkasumas deebii maaliif jedhu hanga beekumsa kootiitti isiniif ibsuudhaaf yaadannoo muraasas of harkaan qaba. Tarii galgala kana booda, Gooftaan ayyaana Isaatiin gaaffii maaliif jedhu nurraa kaasa ta'a. Garuu wanti ta'e….Irra caalaan keenya, akkan tilmaamutti hundi keenya, yeroo took tokko ykn yeroo biraa taateen guddaan yeroo hudaarra caalu akkasii kun maaliif tiksootatti mul'ate jennee yaanneerra ta'a. Maaliif hayyoota ti'ooloojii(isaan warra dhaga'uuf leenji'an turan) guyyaa sanaa dhiisee tiksootaaf mul'ate? Maaliif sooressoota bira darbee gara iyyeessotaa dhufe? Akkasumas, maaliif warra baratee fi beekaa bira darbee, gara warra gad deebi'oo fi hin barannee dhufe? Kana keessatti maaliif kan jedhu gaaffii muraasatu jira.

11 Tarii sababni biraan ani jedhu yoo jiraate, hubadhaa, Betliheem keessatti dhalate. Akkuman waggoota lama dura asitti isiniif dhi'eessee ture, jechi Betliheem jedhu afaan Ibrootaatiin, "Mana buddeena Waaqayyoo" jechuu dha. Kanas Caaffata Qulqulla'aa keessaa mirkaneessine, bakka biraatii fiduu hin dandeenyu waan ta'eef. Betliheem Rahaabii fi abbaa manaa isheetiin hundeeffamte. Rahaab dubartii ejjituu jeneraalli waraanaa tokko erga Yerikoo qabatanii jaallatee ishee fuudhee…. Isheen amatiidhaan ergaa Waaqayyoo amantee, haaluma keessa jirtu keessatti fayyina argatte. Achi irraas yeroo Iyaasuun tokkoon tokkoon isaaniitiif biyyoota jiraatan qoodu….

12 Akkasumas guyyaa tokko barumsa guddaa tokko Tuuksanitti akkan fiduu danda'u nan amadan ture, innis waa'ee haadholii Ibrootaa yeroo daa'imman da'aniiti. Isheen yommuu ciniinsuudhaan qabamtee aaddee gadooddutti maqaa daa'imichaa waamtee, ejjennoodhaan biyya abdachiifame keessatti, gosa isaa keessatti deesse. Wanti guddaan, dubbiin Waaqayyoo hundinuu wal simata. Yoo wal hin simanne, inni wal hin simanne Sagalee Waaqayyoo miti, kan sagalee Waaqayyoon wal hin simanne yoo yaada ofii keessanii ta'e dha. Hundi Isaa waliin wal simata.

13 Egaa, akkuma torban darbe ykn torban darbe dura fiiniksiitti barsiifene, Inni buddeena jireenyaa ture. Akkssumas buddeena jireenyaa waan ta'eef, "mana budeena Waaqayyoo" malee bakka biraa dhufuu hin dandeenye. Maaliif inni jedhu sana ture. Amma, kunoo, Yesuus Betliheem keessatti dhalate, Betliheem keessas mana sagadaatu ture, geggeessitoonni amantii gurguddoon Betliheem keessa jiraatu turan. Daawit mootiin guddichi tikseen Betliheemitti dhalate, abbaan isaa Iseyi Betliheemitti dhalate, akaakayyuun isaa Yoobeed Betliheemitti dhalate. Akkasumas, karaa hundumaan yoo duuba deebinee ilaallle inni Betliheem irraa dhufe.

Asittis, Yesuus Ilmi Daawit Betliheemittti, gaaddisuma kaatediraala guddichaa jalatti dhalate. Namoonni yeroo sanatti leenji'anii waggoota sana hundumaa Masiihicha barbaadaa turan; Masiihichi akka dhufu waggoota kuma afuriif raajiin dubbatamaa ture. Masiihichi gaaddisa Kaatediraalaa jalatti erga dhalatee, maaliif warri gara gaarratti ol ba'an, maaliif tuuti toksootaa warri hin baranne, warri hin leenjifamne ergaa guddaa, ergaa jalqabaa fidanii dhufuun maaliif isaan irraa eegame? Toksoosta ergamni itti kenname! Warra ogeessotaa fi warra baratan miti, warra tiksootaa malee. Waana ajaa'ibaati mitiiree? Garuu iddoo tokkotti maaliifiin jiraachuu qaba…. Maaliif kan jedhutu jira, amma maaliif kan jedhuuf deebiin jiraachuu qaba! Deebii Waaqayyoo namni hin beeku. Kan deebii isaa beeku Isa duwwaadha.

14 Amma, hubadhaa,Masiihichi duuraan dursee magaalattii keessa ture, magaalattii keessatti, mana horii

keessatti dhalate; achuma kaatediraalota gurguddoo bakka angafni lubaa…fi angafni lubootaa, ogeeyyiin tiyooloojii, ogeeyyiinii fi warri leenjifaman hundi isaanii achitti walitti qabamanii Masiihicha eegaa turan. Innis achi ture, achuma isaan gidduu ture! Garuu isaan maalii gara…gara warra hin barannee, gara warra hin leenjinee, gara warra aadaa hin qabnee, gara warra nama hundumaa irra iyyeessota ta'anii dhaquudhaaf maaliif gara gaara Yihudaatti ol ba'an? Ergicha akka mul'isaniif ergaa isaaniitti erguuf, nama hundumaa irra kan hin malle fakkaatu turan.

Yaada koo beektuu? Yaadni koo baay'ee kan fudhatama qabu ta'uu dhiisuu danda'a, an garuu yaada koo dabarsuun barbaada; sababa ogummaa Waaqayyootiin akka ta'e nan amana, ergaa akkasii akkuma inni dhufetti akka isaan hin funne Inni in beeka ture. Inni dhandhama mi'aa barumsa isaanii keessaa hin turre. Inni adda ture. Inni akka isaan in ta'a jedhanii leenji'anii amananii hin turre. Inni hubannoo ti'ooloojii isaanii wajjin kan wal faallessu ture. Leenjiin isaanii hunda, barumsa isaanii hundumaa bira darbe, isaan hunduu kan waa'ee hin baafne ta'an. Ergaa akkasii maaliif akka isaan hin fudhanne kan beeku ogummaa Waaqayyooti jedheen amana.

15 Egaa masiihichi as ture, namni isa beekus jiraachuu qaba. Warra waan akkasii keessatti wal hin laaqne immoo ni beeka ture. Inni ergaa Isaa garee namoota wal makoo warra namni kamuu, Sagaleen Waaqayyoo iyyuu karaa isaanii irraa deebisuu hin dandeenyee caalaa garee namoota hin baranneetiif geessuu danda'a.

Amma immoo yaa michuu kiristaanaa, mee gaaffii tokkon garaa qulqulluu fi jaalala hundumaan isin gaafadha. Ani garuu halkan kana Inni gocha wal fakkaatu yoo hojjete, dhaloota kana keessattis Dubbii abdachiifame nuuf erga jedheen yaada, ogeeyyiin ti'ooloojii keenyaa, fi barsiisonni, fi ogeeyyiin, ergaa sana akkuma yeroo sana didan amma fudhachuu diduu? Namni Isa hin jijiiru, Sagaleen Waaqayyoos hin jijjiiramu. Inni Waaqa hin jijiiramneedha, Inni hin jijiiramu!

16 Hubadhaa, Ergamoonni dhufanii…. Ergamoonni dhufanii ergaa isaanii namoota sadarkaa gadi aanaa akkasii keessa jiraataniif kennan, yeroo namoonni achi jiran tiksoota hiyyeeyyii, dubbisuu fi barreessuu kan hin dandeenye kana caalaa baay'ee ga'umsa qaban (akka yaada biyya lafaatti) jiranitti isaan bira dhaqan. Tikseen nama kam iyyuu caalaa nama wallaalaa (illiterate) ture, waa'ee hoolota isaa malee waan biraa beekuun isa hin barbaachisu ture. Herrega beekuun isa hin barbaachisu. Atoomii attamitti akka addaan cabsan beekuun isa hin barbaachisu. Iskolaarshiippii tokko illee isa hin barbaachifne. Hoolota isaa beekuu qofaati isa irraa eegama ture, kana qofaa beekuutu isa irraa eegama ture. Waaqayyo, ogeessa guddaan, burqaa fi qabeessa ugummaa humdumaa Inni ta'e, hayyoota sana beekuuf leenjii gaarii hundumaa qaban bira darbee nama akkasii filate. Inni waan tokko dubata, innis dirree dogoggoraa irratti leenji'uu isaanii ti. Inni lafa barbaachisoota ta'an hundumaa bira darbe; namoonni barbaachisoon, barsiisonni guguddoon, Qayyaafaa angafni lubaa, namoonno gurguddoo kan biroo baay'eenis achi turan; tarii Israa'eloonni hunduu barataniiru ta'a, manneen amantii hunduu, warri ti'ooloojii of bokokosan hunduu tarii barataniiru ta'a, Waaqayyo garuu isaan kana hundumaa bira hin dabarree! Egaa amma, sun ogummaa Waaqayyoo ti.

17 Hubadhaa, bantiiwwan waaqaa olaanoon, warra lafaa keessaa warra gad of deebisanii fi warra hin baranne kabajuuf ariifachaa jiru. Inni bantii waaqaa irraa olaanaa ta'e warra lafa irra jiraatan keessa isa gadi aanaa ta'etti of beeksisuudhaaf gadi bu'e, hundumaa gidduu darbee tiksoota warra namatti hin lakkaa'amne biratti of beeksise; tiksoota xixinnaayyoo kanatti ergaa isa yeroo hundumaatti waan hundumaa caalaa guddaa ta'e kennuudhaaf dhufaa jira. Ergamoota gurguddoo hedduutu turan. Bara Nohi, bara raajotaa, bara luboota gurguddoo, fi kanneen biroo baroota darban keessa turanii yaaduu dandeenya. Namoota gurguddoo kanneen baratan, moototа, warra humna qaban, maatii moototaatu turan, asitti garuu, Inni ergaa ergaa hundumaa irra caaluu wajjin dhufe. Ergichi maal ture? “Masiihiin amma as jira!” kan jedhuudha. Argitanii? Sana beeksisiifis, Inni warra leenji'an hundumaa bira darbee, toksoota gadi of deebisaniif akka beekan godhe.

Mee itti yaadaa: abbootiin amantii hunda, namoota waldaa hunda, barsiisota hunda, leenjii ti'ooloojii hunda, maallaqa ba'e hunda, waldoota hunda, barsiisaa fi dameelee amantii hundumaa bira darbe! Barumsa isaan iarratti dabarasan hundumaa—misiyoonota hundumaa, warra amantii jijjiirrattan hundumaas, miseensummaa hundumaa, wanta isaan Waaqayyoof waan ulfinaa hojjenne jedhanii yaadan hundumaabira moggaatti dhiisee, ergaa furtuu waan hundumaa ta'e isaan bira darbarse. Kun waan haaraa dha! Maaliif? Argituu?

18 Akkasumas, kana qofaa osoo hin taane, bakki sun taatee akkanaa kanaaf gonkumaa bakka hin yaadamne ture. Amma, egaa sana kan fudhate tiksoota. Ammas bakka ergaan sun ture hubadhaa: bakka namni kam iyyuu in dhufa jedhee hin eegnetti dhufe. Halkana kanas, ergaa dhugaa Gooftaa Yesuus barbaacha dhufne taanaan, garee hin eegamne keessaan yoo dhufe, iddoo … addunyaa guddoon, addunyaan baroontaan fagaatee fi waldaan bara har'aa isaan sanaan gurmuu gantootaa hin jedhaniiree? Iddoo nuyi isa eegnutti argamuu dhabuu Isaatiif nan dinqifadha! Bakka gokumaa hin eegmnee fi gara warra dubbachuuf ulaagaa hin guunnee dhufe.

19 Tiksoonni waa'ee dubbachuu waan tokko illee hin beekan, isaan hoolota waamuu qofaa beeku;tole, tarii sababiin inni isaan bira dhufeef isa kana ta'uu hin oolu.

Garuu inni dubbii abdachiifame ture. Hubadhaa, ammas akkas gochuu danda'a.

Abbootii taayitaa biyyattii hunda bira darbe. Namoota gurguddoo hunda bira darbee, warra nama hin qabnetti mul'ate. Warra kabajamoo doktoora ti'ooloojii guddaa, saayikoloojii, barnoota olaanaa, kaatediraalota gurguddaa fi wantoota garaa garaan faayamanii turan hunda isaanii bira darbee warra homaa hin qabnetti mul'ate. Ogummaan, ogummaan Waaqayyo Isa Hundumaa Danda'uu isa daangaa hin qabnetu kana godhe, ergaa guddaa isa yeroo kam irra iyyuu caalu, "Masiihichi amma as jira" jedhu akka isaaniiti beekamu godhe. Maal ogummaan akkasii! Inni Waaqayyo ogummaa beeku irraa duwaa dhufuu danda'a. Ogummaan hundi, barnoonni hundii fi wantoonni hunduu amma ogummaa Waaqayyootiin barbadaa'ee bira darbameera. Gadi fageenyaan keessa keessan akka seenu waanan barbaaduuf kana irra deebi'een dubbadha. Hunduufaayidaa tokko illee waan hin qabneef akka kosootti gatamee bira darbame. Ogummaan Waaqayyoo karaa qajeelaa akka qabaatuuf, Waaqayyoo warra hin jiran jedhaman akka jiraatan godhe.

20 Asumatti dhaabnee waa'ee Yohaannis dubbachuu dandeenya turre. Asumatti dhaabnee waa'ee Eliyaas dubbachuu dandeenya turre. Eliyaas eessaa akka dhufe eenyu illee hin beeku ture. Wanti isaan beekan waan tokko qofa, innis bakka sanatti mul'achuu isaati. Raajoonni baroota keessatti dhufanii darban kan eenyuu iyyuu hin turre. Waaqayyo garuu sana fuudhee…seera naamusa waldaa fi barsiisa waldaa bira darbee, Waaqayyo ta'uu Isaa agarsiisuuf…godhe. Inni wanta homaa hin baafne fuudhee ittiin waa hojjeta. Inni kana gochuudhaan ogummaa Isaa fi waaqummaa Isaa agarsiisa, inni waan homaatti hin lakkaa'amne fuudhee ittiin hojjeta. Inni nama jalqabaa yeroo uumetti, biyyoo lafaa fuudhee isa irraa nama tolche. Suphee malee wanti biraa yeroo hin jirretti, inni garuu isuma irraa nama tolche. Ammas Waaqayyo waan tokko hojjechuuf, waantoota homaatti hin lakkaa'amne in fayyadama. Nuyi waan bu'aa qabutti of lakkaafna taanaan, harki Waaqayyoo nutti dhimma hin ba'u. Waan beeknu ykn waan baranne hundumaa dhiisuu qabna. Akkuma qulqulluu Phaawuloos isa guddaa; Kiristoosiin beekuudhaaf waan hundamaa dagachuun akka isa irra ture dubbateera.

21 Manni barumsaa isaanii hundi, barumsii isaanii fi kkkf hundi, hamaa isaani irratti hojjechaa ture. Isaan dhuma irratti Isa ganana! Warri Isa amanuuf waa'ee Isaa barataa turan hundi, Isatti galagalanii diina Isaa isa hunda caalaa Isa qeequ ta'anii, Isa fannisan!

Seenaa yeroo yerootti akka ofii isaa irra deddeebi'ee mul'atu beektuu? Kun dhugaa hubtamedha. Ammas nu biratti ta'uu danda'a. "Oo, utuun yeroo sana jraadhee,…" in jettu, tole, silaa yeroo sana maal akka gootu beekuu yoo barbaadde, amma haala keessa jirtu ilaali; akkasuma waan yeroo sana gochuu qabdu arguu dandeessa, sababiin isaas inni dhugaatti mul'isaa jira.

22 Sagalee Isaaamanuuf leenji'anii, achiis yeroo Sagaleen Isaa ija isaanii duratti mirkanaa'u, Sagalee Isa qajeelaa ta'e sana ni ganan. Waaqayyo kana akka godhu yeroo mirkaneessee, waan gochuuf jiru yommuu dubbate, Isa irraa achi galagalanii nama kanaan, "hafuura hamaa" jedhanii waaman (innis hunda isaanii abaare). Mee waan raawwatame yaadaa! Mee waan kanaaf isaan kakaase yaadaa; leenjii isaan fudhatantu Sagalee foon uffatee bara isaaniitti mul'ate akka hin beekne isaan taasise; barumsuma isaan mana barumsaa isaanii keessatti barsiisota jiru jedhamanii barsiifamantu akka Isa hin barre isaan taasise.

Isin, "Tolee, nuyi har'a akkas hin goonu" jettu. Barsiisoonni isaanii har'a keenya caalaa baay'ee olaanoo turan (barsiisota keenya ammaa irra kan caalan turan jechuu koo ti), isaanis in kufan. Isaan akka keenya har'aa jaarmiyaa 996 hin qaban turan. Isaan gara aarmiyaa sadii qabu turan. Gara sadan isaanii hundumaatti gadi bu'e, isaan keessaa tokko illee kan Isa hin beekne! Wanti namni hojjetu Waaqayyo biratti gowwummaa akka ta'e agarsiisuuf duwwaa achi deema, hubadhaa.

23 Amma, isaan isa baruu dadhaban. Amma… ammas waanuma sana gochuuf jiru. Dhiiroo…waa beekuun gaariidha, inni yeroo hundumaa gaariidha. Namni yeroo hundumaa ahaala dhaabbii isaa hin jijjiiru, karaa isaa hagas mara hin jijjiiru; waa'ee nama biyya lafaan dubbachaa jira. Namni amantii (religious) yeroo hundumaa waan Waaqayyo hojjeteef Isa faarsaa oola, akkasumas gara waan Inni sichi hojjechuuf deemuutti namoota akeeka, haa ta'u malee waan Inni amma hojjechaa jiru ni tuffata! Argitanii? Sun dhugummaa namaati, namni akkasitti tolfame, yeroo hundumaas akkas in ta'a. Isan warri galagala kanaa, warri warra Macaafa Qulqulluu dubbifatan taatan immoo kun akkaataa Sagalichaatti akka ta'e beekaa. Sirrii dha. Isaan Waaqayyoon waan Inni kanaan dura godheef faarsu, waan inni gara fuulduraatti godhus ni himu, waan Inni amma gochaa jiru garuu ni tuffatu. Sun amaluma namaa ti.

24 Sababiin isaan kana godhaniifis, akka yaada kootti, barsiisonni Dubbii Waaqayyootti hiika ofii isaanii waan kennaniifi, sababiin isaas hundi isaanii Masiihiin akka dhufu waan amananiifi. Israa'el hundinuu ni amanan, har'as ni amanu. Garuu sababiin isaan Isa baruu dadhabaniif, ergaan Isaa akkaataa isaan itti eeggachaa turanii wajjin waan wal simuu dideefi. Isaan…Misihiichi akkaataa isaan hiika itti kennanii dhufaatii Isaa eegaa turanii wajjin haala gonkumaa walitti hin dhi'aanneen Ofii Isaa mul'ise. Kanaaf egaa, kanaafuu akkaataa isaan hiika itti kennaniin waan mul'achuu dhiiseef, isa baruu hin dandeenye. Akkuman

kanaan dura jedhe, ammas nan jedha, “Waaqayyo nama Sagalee Isaa hiiku hin barbaadu. Inni Ofii Isaatii hiikaadha.”

25 Amma, Macaafni Qulqulluun akkana jedha… Mee amma sun dhugaa akka ta'e isniif haa mirkaneessu. Isaayaas raajichi, kun utuu hin ta'in waggaa dhibba torba dura, “Durbi in ulfooti, ilmas in deessi” jedhee dubbateera. Namni bar asana keessa jiraachaa ture hundi intalli isaanii durba sana taati jedhanii yaadaa akka turan shakkii hin qabu, sababiin isaas Isaayaas dursee raajii waan dubbateef. Garuu, argituu, sun waggaa dhibba torba booda raawwate. Garuu yeroo…Waaqayyo,yoom akka hojjetuuf, ykn attamitti akka hojjetuuf nama Sagalee Isaa hiiku tokko illee hin barbaadne. Inni nan godha jedhee dubbate, waan jedhes in hojjete!

26 Waaqayyo akka… Isaayaas keessatti abdii kenne, boqonnaa 28ffaa lakkoofsa 18ffaa irratti dubbate jedheen amana. Akkasumas Yo'el 2:28 irratti, guyyoota dhumaa keessatti, waggoota kuma lamaan dhumaa keessatti, Waaqayyo foon qabeesssa hundumaa irratti Hafuura Isaa akka dhangalaasu dubbateera. Inni, “Bara booddeetti ani hafuura koo nama hundumaa irratti nan dhangalaasa; ilmaan keessanii fi intaloonni keessan raajii in dubbatu,maanguddoonni keessan abjuu in abjootu, dargaggoonni keessanis mul'ata in argu” jedhe. Wanta Inni gochuuf jiru immoo Isaayaas, “Waaqayyo si'achi sagalee giingeetiin, afaan ormaatiinis saba kanatti in dubbata, kan hafes kanuma” jedhe. Isaan garuu dhaga'uu didan. Isaan mataa raasanii isa biraa deeman. Inni immoo, “Maaddiin isaanii hundinuu balaqqamaan guutuu dha, iddoon inni itti hin bu'in tokko iyyuu hin hafne” jedhe. Inni fakkii Yerusaalemii fi waldaa bara Masiihiin dhufuuf jiruu sanaa yoo ta'e, akkasuma fakkii waldaa bara kanaati. Inni of irra deddeebi'ee of mul'isuu qofa.

Amma, Waaqayyo waan tokko nan hojjedha yeroo jedhu, Inni isa hojjeteera. Namni biraa waa'ee isaa waan fedhe haa yaaduu, abbaan fedhe waan fedhe haa jedhuu, isa kana osoo hin ilaalin, Waaqayyo waa'ee waan tokkoo yeroo dubbatu, Dubbii sana hiikuudhaaf Waaqayyo dirqama qaba. Sagalee sana mirkaneessuun Isaa hiika itti kennuu Isaa ti. Hubadhaa, egaa Masiihii Isaa mirkaneessaa jira. Waan Masihiichi yeroo dhufu hojjetu abdachiisee ture. Inni yeroo dhufettis…

27 Warri ogeeyyiin baha biiftuu jiraatan sun, Baabiloon iddoo keessa jiraatan irraa gara kibba dhihaatti yommuu ilaalan urjii guddaa tokko argan. Waa'ee urjii kanaa seenaan ibsu, dhaabbanni qorannoo hawaa kam iyyuu (yeroo sanatti yeroon kan lakkaa'amu urjiileedhaan waan ta'eef namoota gurgudddoodhaan qoratamaa waan tureef) urjii kana argeera kan jedhu tokko illee hin jiru. Maaliif? Kana arguun isaaniif hin kennamne, isaan waan akkasii barbaadaa hin turre. Ogeessonni sun garuu urjiin Yaaqoob akka ba'u beekanii, isa barbaadaa turan, yeroo sana Yesuus Betliheemitti dhalatee takka bubbuleera…

Amma, duudhaa kiristaanaa keenya nan beeka, inni akkuma waldoota keenyaati, inni wantoota akka malee nama wallaalchisan of keessaa qaba. Asumaa gadi baatanii ogeeyyii daa'ima reefuu dhalate tokko waaqessan argitu; Caaffata Qulqullaa'oo keessa wanti akkas jedhu hin jiru. Isaan waggaa lama booda achi ga'an, karaa dirree dheeraa deemanii, laga Tigiris ce'anii dhufan. Mucaa dhalatee waggaa lama guute malee, gonkumaa daa'ima reefuu dhalate waaqeffachuuf hin dhufne. Maaliif yeroo sanatti Heroodis ijoollee waggaa lamaa fi isaa gadii ajjeese? Tarii sanaan qabee Masihiicha qabachuuf ture. Argitanii, isaan…Waaqayyo Sagalee Isaatiin mirkaneessee ture.

28 Ogeeyyiin kun gara Yerusaalem yommuu dhufan…Urjiin sun gara magaalaa guddoo amantii biyya lafaa kan taate Yerusaalemitti isaan geesse. Akkuma karra sana seenaniin urjiin sun (Wanti uumamaan ol ta'e kan isaan geeggeesse sun) kana caalaa karaa isaanitti agarsiisuu dide. Namoonni gaggaariin kun, namoonni dureeyyiin uffannaa gaarii fi gaalaan faayaman kun karaarra olii fi gadi… daandii irra olii fi gadi deddeebi'anii, “Inni Mootiin Yihudaa ta'ee dhalate eessa jira? Nuyi urjii Isaa baha-biiftuutti arginee Isaaf sagaduu dhufneerra'o” jedhanii iyyaafatan. Magaalaan guddittiin amantii biyya lafaa, erga ergaan tiksootaa ishee qaqqabee waggaa lama kan guutte garuu gaaffii kanaaf deebii hin qabdu turte, ykn waa'ee kanaa waan beektu tokko illee hin qabdu turte. Dura buutuun mana amantii hundumaa deebii gaaffii kanaa hin qabdu turte.

Kanaaf dubbiin kun Sanhedriin waan jeeqeef, dhufanii akka isaaniif dubbisaniif barsiisota seeraatiif waamicha godhan. Isaanis dubbii Miikiyaas raajichaa isa, “Ati yaa Betlihem ishee biyya Yihudaa keessaa! Ati mandaroota gurguddoota yihudaa hundumaa irra xinnaattu; si keessaa kan mo'u tokko saba koo Isiraa'eliin kan bulchu in ba'a” kan jedhu dubbisaniif. Erga caaffanni Qulqulla'aan isaanii dubbifamee booda iyyuu, ammas erga ija isaanii duratti mirkaneeffamee booda iyyuu, erga caaffanni Qulqulla'aan akkas jedhee booda iyyuu amananii fudhachuu didan. Utuu caaffanni Qulqullaa'aan guyyoota kanaaf abdachiifame ifa ta'ee, har'as akkasuma godhu jedheen shakka. Tarii kana booda gonkumaa isinitti hin lallabu ta'uun danda'a ta'a, garuu kana akka hubattan nan barbaada. Isaan amma iyyuu hin amanan!

Ogummaa inni guddaan kan Abbaa ogummaa namaa akka malee gowwummaatti waan dabaluuf nama ni xiqqeessa. Inni dhugumatti iddoo namni akka malee ofitti qaana'utti dhufa, dogoggora ta'uu isaa amanuufis itti hin ulfaatu. Abbaan hammam dhugummaa Sagalee Isaa yoo mirkaneessees, hammam waan nan raawwadhe jedhee abadachiise yoo raaawwates, inni amma iyyuu seenaa isaa wajjin hafa. Namni

ogummaan isaa Waaqayyoon caala jedhee yaada, akka ogummaa isaatti yoo hin dhufne, “Maaliif, akkas miti” jedha. Sun baroota hundaa keessatti dhugaadha, amma illee ni hojjeta. Dubbiin hundi hammam akka wal simu argitaniittuu amma?

29 Maal kaka'umsi akkasii tiksoota sanaaf! Ergamoonni Waaqayyoo tiksoota sanatti dubbachuudhaaf dhufan, ergamoonni Waaqayyoo tuuta tiksootaatti dubbachuudhaaf dhufan.

An wanti na ajaa'ibu tokko, tiksee tokko waliin haasa'uuf ykn tiksee tokko waliin yeroo muraasa dabarsuuf carraa argattanii beektuu? Gootanii beektu yoo ta'e, ani sababan yaada koo yeroo muraasa booda jechuuf jiruuf sisirreeffachaa waanan jiruuf waan kana jechuu hin barbaadu, garuu tikseen tokko hoolaa wajjin yeroo dheeraa turuu isaa irraa kan ka'e hamma akka hoolaatti kolfuutti (mar'achuutti), hamma akka hoolaatti haasa'uutti, fi hamma foolii hoolaa godhachuutti ga'a. Kun sirriidha, sababiin isaas inni hoolotaa wajjin jira. Wanti inni beeku waa'ee hoolota isaa duwwaa dha.

30 Amma, Sagalee dhugaatu mirkanaa'e. Yeroo tiksoonni kun, namoonni gad of deebisan kun, namoonni hin baranne kun….Maal ulfinni akkasii, ergaa hoolaa reefuu tikseen dhaga'uun akkam wal sima. Tiksee malee nama kan biraatti dhufuu hin dandeenye. Kanaafidha kan Inni manatti dhalachuu dhiisee dallaa horii keessatti dhalateef. Hoolonni mana keessatti ykn kutaa Hospitaala keessatti faayamee qopheeffame keessatti hin dhalatan. Argitanii? Isaan mankuusaa keessatti ykn bakkee keessatti dhalatu.

Sababiin gara iddoo Lafaa Mataa jedhamuutti Isa geggeessaniifis kanumaafi. Hoolaan karaa ifa ta'een gara qalmaatti akka deemtu gochuu hin dandeessan. Kana beektuu? Mooraa qalmaa keessatti re'eetu hoolota geggeessa. Re'een bakka qalmaa sana yommuu ga'u ofii utaalee ba'uudhaan hoolaan deemsa gara qalmaa akka itti fufu godha. Hoolaan dura bu'amee geggeeffama malee, ofii isaatii geggeessuu hin danda'u. Kanaaf, kanaafuu tikseen hoolota isaatiif dhufuutu irra eegama ture. Yeroon isaan Waaqayyo-daa'ima sana argatanitti iddoon isaa iddoodhuma ergamaan waaqayyoo jedhetti ture, akkasumas ergaa ergamaa kanaa mana horiin keessa nyaattutti yommuu argatan, iddoon sun iddoodhuma ergamoonni Waaqayyoo ni ta'a isaaniin jedhanitti ture.

31 Amma, namoonni, “Ergamaan Waaqayyoo natti dubbatee, 'akkasii fi akkas' naan jedhe” jedhu. Yeroo tokko tokko attam nama kofalchiisa; ergamaan Waaqayyoo isaaniitti dubbatee, “akkasii fi akkas” akka isaaniin jedhe yommuu dubbatan nan dhaga'a, kunis Sagalee Waaqayyoo wajjin kan wal faallessudha. Amma, ergamaan Waaqayyoo akkamitti akkas gochuu danda'a? Akkas ta'uu hin danda'u. Waaqayyo wanta ta'uuf jiru tokko sitti dubbatee (natti dubbateera jetta waan ta'eef), wanti sun yoo hin raawwatu ta'e, kan sitti dubbate Waaqayyo miti jechuu dha. Yaadadhu, kun sirrii dha. Waaqayyo hin sobu. Inni soba keessatti hin argamu.

32 Yeroo micicha argatan gammachu guddaa attamii gammadan laata. Sababiin isaas ergaa isaaniif kenne, akkauma ergamaan sun in ta'a jedhetti, bakkuma ergamaan sun in ta'a jedhetti isa argatan waan ta'eef. Maal wanti guddaan isaan irratti raawwatame kun!

Mna horiin itti galtu keessatti, maaliif? Tokisoonni kun mana horiin itti galtu keessatti akkam akka tasgabbaa'an argitanii? Utuu ogeessa ti'ooloojii tokkotu achi keessa ture ta'ee silaa maal ta'a jettanii yaaddu? Silaa funyaan isaa qabatee, “Iddoo kana keessaa na baasaa” jedha ture. Argitanii? Silaa iddoo isaa malee nama dhaabate ta'a ture, silaa nama dhoqqeen faalame ta'a ture.

Garuu, ilaalaa, tiksee sanaaf akka waan mana isaanii jiranii ture. Ilaalaa, Waaqayyo ergaa Isaa eessatti akka ergu ni beeka. Kun dhibaa dhibbatti sirrii dha. Tiksitoonni yeroo sanatti haala sana keessatti, Hoolaa isaanii wajjin utuu gaadaa hoolaa keessa jiranii ergaa sirrii ta'e dhaga'an. Maal wanti bareedaan akkasii! Bakka Masiihichi jirutti Sagaleen ergaa isaanii mirkanaa'e. Tiksitoonni yeroo Masiihiin lafarra akka jiru dhaga'anii, bakka Inni jiru dhaqanii, naannoodhuma isaatti yeroo Isa arganitti (ergaa dhugaa ta'uu isaa argan, achitti mirkanaa'e), yeroo waan guddaa Waaqayyo isaaniif godhe kana arganitti miira gammachuu guddaa attamiitu isaanitti dhaga'amuu qaba.

33 Maaliif, hayyoonni utuu achitti argamaniiru ta'ee, silaa iddoo isaanii malee akka dhaabataniiti waan yaadaniif, haala akkasii keessatti dafanii achii ba'u turan. Maaliif? Ergamaan gara tiksitoota tuffatamoo dhufaa jira waan ta'eef. Tarii isaan…Tiksitoota kan keessaa kaan maqaa isaaniitiin iyyuu beekanii hin mallatteessan ta'a—baay'ee shakkisiisaa dha. Tiksitoota Yesuus yeroo lafa irra ture hoolota Isaa akka tiksaniif filate ni beektu, Inni, “Phexros isa warri kun na jaallatan caalaa na jaallattaa ree?” jedhe.

Inni immoo, “Eeyyee Gooftaa! Akkan si jaalladhu atuuin beekta” jedheen.

Yesuus Immoo, “Hoolota koo eegi” jedheen. Macaafni Qulqulluun immoo Pheexroos nama wallaalaa fi hin baranne akka ta'e dubbateera. Inni amma iyyuu tiksoota filachaa jira.

34 Miseensonni waldaa guyyoota darban sanaa, luboonni, hawaasni akka gaariiti leenji'e guyyaa sanaa mana horii keessa dhaabachuun iddoo isaaniif hin malle waan ta'eef, silaa iddoo sanaa fagaatu turan. Amma baay'een keessan (tarii, namoonni magaalaa) manni horii Yihudaa foolii maal akka fakkatu, horiin achi keessa bultu maal akka taate hubachuu dandeessu jedhee hin yaadu. Maaliif jennaan, namoonni

ammayyaa'oon bara har'aa utuu iddoo sana dhaqanii, silaa karra dallichaatti iyyuu hin siqan. Garuu inni Waaqayyoon in gammachiise, ogummaa Isaa isa daangaa hin qabneen warra isa fudhatanitti mul'ise. Hayyoonnii fi ogeessonni bara sanaa akka isa hin fudhanne beekamaadha. Isaan utuu iddoo akkasiitti qabamanii in salphifamu turan.

Maaliif, inni jalqabaa, utuu gara waldaa isaaniitti deebi'anii wal ga'ii akkasii irratti akka hirmaatanii fi ergaa tiksitoota hin baranne kan irraa dhufe amananii fudhachuu isaanii itti himanii, silaa waldaa isaanii keessaa haqamu turan. Silaa osoo namoota akka tiksootaa hin barannee kana dhaggeeffanii qabamanii, hawaasa Betliheem keessaa ra'imu turan. Silaa salphachuun isaanii beekamaa dha. Osoo isaan namoota idilee (common) akkasii wajjin walitti dhufeenya uumanii, osoo waaqayyo ergaa Isaa tiksoota warra wallaaloo fi gantuu jedhamnitti erguu Isaa amananii utuu fudhataniiru ta'ee silaa salphifamniiru, Mallaiif jennaan, isaan dhimma kanaaf waan hundumaa qoqopheessaniiru waan ta'eef. Silaa walitti dhufeenya isaanii haqanii, waraqaa geggeessituu isaaniif kennu turan, hawaasa garee isaanii guyyaa sanaa gidduutti beekamtii argachuu hin danda'an turan, sababiin isaa waan akkasittin kan walitti hidhatan malee sammuu fooyya'aadhaan miti waan ta'eef.

35 Silaa lubichi, "Attamitti ija janbaatte!" jedha ture. "Gantummaa akkasiitiin, gowwummaa akkasiitiin, namoota wallaloo barressuu fi dubbisuu ille hin baranne kanaa wajjin gara iddoo qulqulla'aa kootii dhuftaa? Ergamaan Waaqayyoo gadi bu'ee isaanitti dubbate ergaa jedhu amantaa?" jedha ture.

Garuu utuu namichi sun, "Mirkanaa'iinsa ergaa isaa argeera" jedhee hoo?

Inni immoo silaa akkas jedha ture, "Mee daddafeen waraqaawwan kee siif kenna. Hawaasa kana keessaa daddafii ba'i!" Yeroon ni jijjiirama, namoonni garuu hin jijiiraman. Tarii bara kana keessas akksuma ta'eera ta'a, tarii waldaa isaanii keessaa ari'atamaniiru ta'a.

36 Tiksitoonni garuu Hoolaa Waaqayyoo wajjin guutummaatti miira tasgabbii keessa turan. Tiksee gaariin kamiyyuus akkasuma godha. Tiksee gaariin hooltaa yeroo Sagaleen Waaqayyoo ifatti mirkanaa'u in arga, yeroo Inni waan abdachiise raawwatu, inni mana tikseetti in raawwata. Wanti namni biraa jedhu ana hin dhibu, "Waaqayyotu isa abdachiise, Waaqayyotu raawwates."

Isaan, "Guyyoonni dinqiin itti hojjetaman darbaniiru. Cuuphaa Hafuuraa wanti jedhamu hin jiru. Cuuphaa Hafuura Qulqulluu wanti jedhu hin jiru, sun kan ergamootaa ture" jedhu.

Garuu tiksee dhugaan Sagalichaa isa haa lallabu, humna du'aa ka'uutiin, Yesus Kristos kaleessa isuma ture, har'as bara baraanis isuma sana akka ta'e haa lallabu! Guyyaa Ayyaana Pheenxeqoosxeetti Phexros akkas jedhe, "Abdiin Waaqayyo abdachiise isinii fi ijoollee keessaniif, warra fagaatanii jiraataniif, Waaqayyo keenya gooftichi itti waamu hundumaafis" jedhe. Bakka Inni waame hundatti abdii fi eebbi tokkichi sun dhugaadha. Akkasumas tikseen dhugaan inni Sagalicha sooru isa mirkanaa'e sana haa argu, hayyoonni ti'ooloojii addunyaa kanarra jiran hundi isa isarraa fudhachuu hin danda'an; sababiin isaas Waaqayyo akkas akka jedhe in beeka, kan jedhames in raawwataa. Kana duwwaadha. Yeroo hundumaa Sagalee Waaqayyoo duwwaatu ta'a. Sagaleen Isaa foon uffatee isaan gidduu buufate, isaan garuu Isa hin beekne.

37 Inni guyyaa kanattis waanuma kana abdachiiseera. Utuu isa barrreerra ta'ee, silaa nan dinqisiifadhan ture. Warri of tuuloonni fi warri ogeessonni waan akkanaa argatanii hin beekan. Wanti Masiihii jedhamu dhuguma lafa kana irra utuu jiraatee gara mana amantii isaanii akka dhufu shakkii hin qabu jedhanii amanana. Gareen Isa simachuu qabu garee isaaniiti, kanaa achii, "Inni sirrii miti" jedhu turan. Amma sirriitti itti yaadaa. Yoo garee isaanii keessa hin jirre ta'e, ergaa…. Hubattaniittuu? Waaqayyo garee isaanii keessaa nama tokko illee filatee hin beeku, garuu isa isaa wajjin hidhata tokko illee hin qabne sana filate. Sababiin isaas, gareen tokko, "Waan nuyi hojjenne argitaa?" jedha waan ta'eef. Har'as akkasuma godhu turan. Garuu Waaqayyo nama akka waan hin jirreetti tuffatame filata, sababni Inni tiksee hoolaa filateefis kanaafi. Tiksoonni guutummaatti mana turan hoolaan Waaqayyoos isaan gidduutti argame, Sagaleen Isaa isaan gidduutti foon uffate. Warri oftuuloonii fi warri ogeessonni gonkumaa isa hin fudhanne, inni isaan bira darbe.

38 Har'aafis, ykn bara kamiifs waa baay'ee jechuu dandeenya turre. Bara Maartiin Luuter keessattis waanuma sana ture. Bara Joon Weeslii keessattis kanuma ture. Bara warra Pheenxeettis akkasuma ture. Jaarmiyaan namaa kamuu Waaqayyoon ittisuu hin danda'u! Sagalee Isaa mirkaneessuuf Hafuura Isaa utuu addaan hin kutin in sochoosa! Utuu akka garaa isaaniitii kutaa mana mare isaanii keessatti dhufuu qaba ture, kanaa achii hin fudhatan turan. Akkuma baay'een isaanii har'a mataa jabaatan, waldaan hunduu "akkasii fi akkas gochuuf deemu, waldoota hundumaas walitti tokkoomsuuf deemu." Amma ergamaa barbaadaa jiru yoo ta'e, nama Pirotestaantota, Kaatolikii fi Ortodoksii hunda walitti tokkoomsuu danda'u,nama waan hundumaa walitti fidee waldaa guddaa tokko dhaabuu danda'u barbaadaa jiru.

39 Amma obboloota koo, ani amantiiwwan adda addaa dhibbaan lakkaa'amaniitti lallabuuf carraa argadheera, hunduma isaanii keessas namoonni gaggaariin jiru. Amma garuu, yaadadhaa, amma raajiin dubbachaa jira, "Dhaabbanni hundu kana fudhachuu qaba, ykn jaarmiyaa ta'uu dhiisuu qaba. Inni

dirqisiisaa jira." Gaazexaa Tucson har'a maxxanfame kan waa'ee muuduu luboota Kaatolikii dubbiftaniittuu, Missouri keessatti isa dibamuu abbaa amantii protestaantii tokkoo luboonni Kaatolikii gargaaranii dibaa turan dubbiftaniittuu? Eenyutu immoo beekamtii kennaafii ture? Warra Pirisbiteriyaan, Baaptiistota, Luuteraanii fi Assembilis oof Goodi turan. Kun Gaazexaa Tuuksa kan guyyaa har'aa keessatti maxxanfamee jira.

Oo, nama rifachiisa! Namoota achi keessa jiran osoo hin taane, isaan warra waldaa keessaa, warra dura buutota mootummaa achi keessa jirantu micciiree darbatee sirnicha keessa isin buusa—barbaaddanis barbaaduu baattanis. Kana boodaa jaarmiyaa taatanii dheekkamsa lafa irratti dhufuuf jedhu kana jalaa miliquu hin dandeessan, sun sirrii ta'uu isaa immoo arguuf jirtu. An yeroo kun ta'utti jiraachuu dhiisuun danda'a, duuba deebi'aatii waraabbii teeppii kanaa keessaa tokko ilaalaa. Kun hin raawwatu yoo ta'e, ani dhiga baatuu sobaa ti. Yoo raawwate, dhugaan dubbadhe.

40 Silaa hojii hafuura hamaa yaada gaarii isaanii irratti hojjetu jedhanii isa waamu turan. Har'a waa'ee yaada gaarii baay'ee dhageessu: Sammuu keessan wanata kam irra iyyuu kaa'aa, wanticha irrattis waan gaarii yaadaa. Diyaabiloosa akkas gochuu danda'a! Waan hundumaa kan bulchu waan tokko duwwaadha, innis Sagalee Waaqayyoo ti. Faalla Sagalichaa yaadaa jirta taanaan, yaadaa jiraachuu kee iyyuu dagadhu. Sagalicha irratti yaadi.

"Masihiin bakka akkasii, iddoo laaqii akkasii keessatti hin argamu" jedhanii yaadan.

Angafni lubaa gaarii fi guddaan, ykn abbaan amantii, namni guutummaatti ti'ooloojiidhaan qarame, gara mana horiin itti galtuu kan faltiidhaan guutameetti gadi ni bu'a jedhanii tilmaamuun ni danda'amaa? Akkasumas ergaa tiksee hiyyeessa, nama gadi deebi'aa barnoota hin qabnee fudhatee dhufee, "Ilaa, isiniif mirkaneessuu nan danda'a, kun mucicha, kun ergamicha" isaaniin jechuu danda'aa?

Silaa namoonni maal akka ittiin jedhan beektuu? "Namichi amanamaadha, waan dubbatu hundumaa keessatti garaan isaa qulqulluudha, garuu guutummaatti dogoggora!"

41 Namoonni hanga namoonni isaan hin amannetti, waa'ee isaanii homaa dubbachuu hin dandeenyetti, garuu, "Inni garaadhaa dogoggora. Waan dubbataa jiru hin beeku. Waaqayyo, Inni waan akkasii hin godhu" ittiin jedhan, garuu immoo jireenya gaarii fi qajeelummaa jiraatan argeera.

Garuu kunoo ragaa of harkaa qabu turan! Ragaa erga dhi'eessanii boodas, "Acha mana horiin itti galtu sanatti ol ba'aatii daa'imni akka achi ciisee jiraachuu dhabuu isaa ilaalaa."

Isaanis, "Hafuura hamaadhaan qorichi sitti godhameera, sun immoo akkas akka jettu si taasiseera" jedhu turan. Garuu akkaataa Sagalee Waaqayyootti taateen sun ta'eera! Isaan akka arguu hin dandeenyetti jaaman, sababiin isaas ti'ooloojii isaaniitu isaan jaamse. Akkam nama gaddisiisa!

"Iddoo akkasii keessatti qabamee moo? Laaqee akkasii keessa turee? Mana horii keessatti moo?" Yeroo isaan Isa dhufuuf jiru sun dhufee, ergaa barsiisota isaaniif fidee dhufee deebi'a jedhanii waan yaadaniif, iddoo bareedaa isaaf qopheessanii, waan hundumaas sisirreessanii isa eegaa turan. "Tiksitoota garee hin barannee kanaaf isa ergaa? Attamitti tokkicha Ilma Isaa siree horiin irraa nyaattu irratti akka dhalatu godha? Siree jibbisisaa horiin irraa nyaattu irratti moo? Tole, Siree hoffaa irraa ijaarame irratti moo? Maaliif, akkas ta'uu hin danda'u malee!" Isaan isa amanuu hin dandeenye, sababiin isaa, baay'ee kan gadi of deebise ture waan ta'eef.

42 Inni baay'ee gad of deebisaadha, kanaaf warri ogeessotaa yeroo hunda isa bira darbrbu. Inni baay'ee gadi of deebisa, akkasitti isaan burjaajessa. Isaan karaa Waaqayyoo gama sana barbaadu, inni immoo as isaan gidduu jira. Argitanii? Isaan waan ta'e tokko karaa gama sanaa barbaadaa iru, inni garuu amma iyyuu isaan gidduu jira: Kiristoos, du'aa ka'eera, Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana.

Wanti gurguddaan isaan qaban hundinuu bira darbame. Garuu wanti dhugaa, "Masiihichi akka ture" mirkanaa'aadha. Har'a isa kana in beekna. Har'a isa kana in beekna. Har'a isa kana in amanna. Har'a isa kana in fudhanna.

Garuu erga akkas ta'ee, Waaqayyo Ayyaana Qillee kanaaf waan tokko yoo kakuu gale, yoo Inni guyyaa kanaaf waan tokko kakuu galee wanti akka raawwatus yoo mirkaneesse, nuyi immoo ammas isa irraa achi deemna taanaan, nuyis duuba deebinee warra guyyaa sanaa, warra bira darbamee wajjin kutaa manaa tokko keessa jirra jiechuu dha; sababiin isaas, inni mi'aa dhadhama damee amantii keenyaatiin hin dhufu waan ta'eef. Kanaafidha ayyaana Qillee kanatti laaqii akkasii keessa kan jirruuf.

43 Yesuus Kiristoos hin duune, jiraataa dha. Inni har'a as jira! Macaafni Qulqulluun, "Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana" jedheera. Yohaannis 14:12 keessatti, "Namni anatti amanu…"(namni itti fakkeessuuf amanu hin jedhu, namni afaanumaaf ana amaneera jedhu hin jedhu) "Namni anatti amanu waan ani hojjedhu hundumaas in hojjeta; ani gara abbaa waanan dhaquuf kana irra kan caalu iyyuu in hojjeta" jedhee dubbateera. Ani immoo jireenya koo keessatti Isa argeera, hojiiwwan yeroo sanatti hojjetee caalaa, waan fuula Macaafa Qulqulluu kanaa irratti caafame caalaa utuu Inni

hojjetuu argeera. Inni har'a mataa warra ta'anii fi oggeessota warra ta'an bira darbee warra akka ijoolleetti baratanitti mul'ata; Yesusis isuma kana kadhate. Dhugaadha, Inni isa…caalaa hojjeteera. Ani bara kootti Isa argeera, tajaajila koo waggoota soddomii sadii kana keessatti, Macaafa Qulqulluu keessaa waa'ee Isaa kanan dubbise caalaa utuu hojjetuu argeera; hojii sanaa olitti utuu hojjetuu argeera.

44 Garuu yeroo sanatti, Inni waanuma fedhe yoo godhe iyyuu Abbootiin Firdii (Sanhedrin) Isa ni amanu jettanii yaadduu? "Tole, qorichatu sitti godhame" isaan jedhan. Garuu, dogoggorri isaanii eessatti akka ta'e barbaadaa… iddoon dogoggorri isaanii itti uumame waan Dubbiin Sagalichaa bara isaaniit dubbate dhiisanii waan barsiisi amantii (creed) isaanii jedhu sakkata'uu isaaniiti. Har'a bakka dogoggora itti hojjennutu jira, innis Caaffata Qulqullaa'oo hin sakattaanu. Yesuus, "Caaffata qulqullaa'oo keessaa jireenya bara baraa qabna jettanii waan yaaddaniif, caaffatoota in qortu; caaffatoonni sunis immoo anaaf dhugaa in ba'u" jedhe.

45 Hubadhaa, Waaqayyo akka isaan kana godhan dursee beeka ture, sababiin Inni gara tiksootaatti isa geesseefis kanaaf ture. Akka isaan isa hin simanne, akka isaan isa hin fudhanne ni beeka ture. Mallfii akka tiksoota ta'uun irra ture amma hubattanii? Maaliif tiksitootatti mul'ate? Ogeessonni ti'ooloojii isa hin fudhatan waan ta'eef. Ammas, maaliif tiksitootaaf dhufe? Sagalee Isaa ni faallessaa? Lakki! Isaan tiksitoota waan turaniif hoolaa ni beeku; sababiin Inni dhalateefis kanumaafi; Inni hoolaa ta'uuf, hoolicha ta'uuf dhalate. Hubadhaa, Inni hoolicha ture. Hundumaa keessaa namni Isa simachuu danda'u isaan qofa ture. Ilmoo hoolaa fudhachuu kan danda'u tiksituu hoolaa duwwaa dha. Akkaataa itti Isa kunuunsan isaan duwwaatu beeka, har'as yeroo ergaa Hoolichaa argannu akkasuma ta'a.

46 Amma kan garaa nama raasudha! Nama nama hundumaa caalaa gadi of deebisu, nama hin barannetu Amaanu'eeliin mana horiin itti galtu keessatti waaqeffachaa jira. Irra caalaa….Guyyuma sanatti namoonni ala sana turan ti'ooloojii isaanii barsiisaa turan. Tuutni gurguddaan, bakka hundumaa irraa, guutummaa biyyaa irraa waamamanii aarsaa Yaahween, "fooliin isaa Anatti ajaa'e (a stench in his nostril)" jedhe dhi'eessuuf walitti qabamanii turan. Kunoo immoo tiksitoonni gadi of deebisan, mana horiin itti galtu keessaa Amaanu'eeliin waaqeffataa turan; Waaqayyo Ofii Isaatii foon uffatee mana horiin keessas ciise. Barumsa keenya guddaa waliin, akka waan waan guddaa tokko beeknuutti sammuu keenya waan duraan jirutti yommuu maxxannee hafnu, Waaqayyo immoo akkamitti waan hundumaa bira akka darbu, argitanii! Inni waan hojjechuuf kakuu gale ni raawwata, yeroo hundumaas akkas godha. Garuu tiksitoota gadi aanoo kan ala sanaa Amaanu'eeliin mana horii keessatti waaqeffataa jiran yaadaa. Hunda caalaa kan garaa nama raasudha. Dhuguma akkasi!

47 Ergasii ba'anii…. Erga Isa waaqeffatanii booda, ergaan isaan lallabaa turan sun sirrii ta'uu isaa erga hubatanii booda, achitti ergaa ergamaa Waaqayyoo isa baay'ee nama hin amansiifneen Waaqayyoon galateeffachuuf ba'an. Mee sana yeroo ammaa wajjin wal bira qabaatii ilaalaa. Mee daqiiqaa tokkoof dhaabadhaatii itti yaadaa. Namoonni waan arganiif, waan dhaga'aniif, waan dhugaa ta'uu isaa baraniif Waaqayyoon waaqeffachuuf, Isa faarsuufis ergaa warra beektota ofiin jedhan biratti fudhatama hin qabne qabatanii ba'an. Inni yaada barsiisa mana amantichaa kan faallessu ture, haa ta'u malee ergichi waan dhugaa ture! Dhugaadha! Isaan isa ni amanan. Egaa amma, ogummaa namaa attam gowwummaa ta'uu danda'aa! Sana booda kuwaariin ergamoota Waaqayyoo faarfannaa Ayyaana Qillee (noel) akka isaaniif faarftan isaanitti himan. Kana tilmaamuun ni danda'amaa? Tikseen maqaa isaa barreessuu hin dandeenye, namni fooliin isaa gola hoolaa-gola hoolaa jedhu, karaa irrra asii gadi deemaa, hollachaa, "Waaqayyo isa hundumaa gararraa jiruuf ulfinni haa ta'u! Inni lafarra akka jiru ni beekna!" jedhe.

Lubuchis akkas jedhe, "Namichi sun sammuun isaa darbeera. Kitaabota ilaaluudhaan miseensa gumii keenyaa ta'uu isaa adda baasaa. Barumsa isaa isa naamuusa hin qabneen akka nu qaanessaa jiru beekamaadha. Isa nurraa achi fageessaa. Saba gudduutti qaana'uun nurra hin jiraatu."

Tole egaa, fuula namaa duratti qaanoftee fuula Waaqayyoo duratti ulfina argachuu dandeessa; ykn filannoo kee filadhu, 'Sababiin isaas, yaadadhu, mi'aan mana sagadaa guyyaa sanaa Dubbii Waaqayyoo wajjin wal hin simne.' Mi'aan adda addaa dhibbi sagalii fi jaatamii sagal hin jiru. Inni mi'aa tokko, Sagalee tokko, Waaqayyo tokko duwwaa dha. Kanuma.

48 Ergamoonni Waaqayyoo faarfannaa ayyaana qillee isa jalqabaa nuuf faarfatan, akkasumas "ergaa ergamaa Waaqayyoo tokko irraa arganne" jedhaa jiru. Ergamaan Waaqayyoo tokko isaanitti mul'atee ergaa isaaniif kenne, isaanis dhaqanii ergichi dhugaa ta'uu isaa hubatan. "Sana birattis ergamichi farrfannaa (noel) nuuf faarfate."

"Yaaddaniittuu? Namicha hiyyeessa sana!" jedhan. Isaan gidduutti waan akkasii ta'ee hin beeku, hubadhaa egaa, kanaaf isaaniif akka doktiriinii ajaa'ibaa ture. Sababiin isaan Caaffata Qulqulla'aa keessaa argachuu hin dandeenyeefis kanaafi, isa argachuun kan isaanii miti. Beektonni hin amanne, miixannoon akkasii isaan mudatee hin beeku. Kan hin amanamne ture, garuu inni amma iyyuu dhugaadha ture. Dhugaadha, dhugaa ta'uu isaa in beekna. Yaadaa mee! Warri jalqaba amantii isaanii gara Kiristoositti jijjiirratan, wal ga'iin amantootaa warri jalqabaa tiksitoota hoolotaati malee abbootii amantii hin turre; tiksitoota, eegdota hoolotaa ti. Maaliif tiksitoota?

49 Hubadhaa! Waan arganii fi dhaga'aniif Waaqayyoon faarsaa fi ulfina kenuuf ba'anii, utuu ergamoonni Waaqayyoo yeroo jalqabaaf dhala namaa faarfatanii dhaga'an. Ergamoonni Waaqayyoo sanaan dura ilma namaa faarfatanii hin beekan. Akkasumas kuwaariin faarfattoota waldaa sanaa akkamitti dhaabbatanii akka faarfataniif, "Yeroo dhaloota Masiihichaatti faarfachuuf" leenji'aa-leenji'aa akka turan ilaalaa, hundumaa isaanii bira darbe! Ergamoonni Waaqayyoos gadi bu'anii tiksee hoolotaa warra gatamoo duratti faarfatan, wayyaa abbootii amantii uffatanii utuu hin ta'in uffata tikseen hoolotaa uffatan uffatanii faarfatan. Eenyu ergaa jalqabaa akka ergate ilaalaa, waan nama hin amansiifnedha.

Bakki inni itti kennames, kaatediraala keessatti utuu hin ta'in, lafa onaa keessatti ture, lafa onaa keessa iddoo ergamaan Gooftaa dhufetti. Waldaa keessatti miti, lafa onaa keessatti malee. Waldaa keessatti illee hin simatamu ture. Inni achitti dhufa se'an, achitti waan Isa argatan isaaniitti fakkaate, Waaqayyo garuu sun dogooggor at'uu isaa mirkaneesse. "Inni dhagoota sanattii Abrahaamiif ijoollee kaasuu danda'eera." Sirrii dha.

50 Yeroo jalqabaaf ergamoonni Waaqayyoo ayyaaneffannaa tokko irratti kan faarfatan waaqa irratti ture. Iyoob 38:7 keessatti yoo ilaalata, (akkuman argaa jiruu kaan keessan yaadannoo qabachaa jirtu), Waaqayyo uumama isaa uumuuf yeroo karoorfate, jalqaba lafa uumuuf karoorse. Iyoob nama guddaa, qaroo ture, ogummaa gosa hundumaas qaba ture. Innis, "Yeroon gara gabaatti ol ba'u, dargaggoonni moototaa, hundi isaanii na duratti qoomma'anii, ogummaa koo keessaa waa xiqqoo barbaadu" jedhe. Inni maaliif akka akkasitti kunuunfamus adda baafachuu hin dandeenye.

Waaqayyos, "Ati ka'ii, mudhii kee hidhadhuu qophaa'i! Ani sin gaafadha, ati immoo anaaf deebisi!" isaan jedhe. Waaqayyo bubbee keessaan gadi bu'ee, "Yommuu ani hundee lafaa kaa'e ati eessa turte? Hubannaa isaa yoo qabaatte anatti himi! Yeroo sanatti urjoonni gara barii in faarfatan, warri waaqa irraa 'Ilmaan Waaqayyoo' jedhamanis guddisanii sagalee gammachuu in dhageessisan, Iyoob, ati yeroo sana eessa turte?" Inni yeroo sanatti akka afuuffee qilleensi keessaa ba'eetti walitti gale. "Ati eessa turte?"

Argituu, ergamoonni Waaqayyoo yeroo jalqabaatii ayyaaneffannaa irratti kan faarfatan waaqa irratti ture. Garuu yeroo jalqabaatiif lafa irratti kan isaan faarfatan tiksoota duratti yommuu ta'u, inni yeroo Waaqayyo, Amaanu'el lafa irratti dhalatetti ture; utuu ergamoonni Waaqayyoo faarfatanii dhalli namaa yeroo jalqabaaf argan tiksitoota gad of deebisan turan.

51 Dubartoota keenya fuulatti diiddibatnii, rifeensa mataa gaggabaabsatanii, uffata gaggabaa uffatanii waan akka gaawonii wayii irraan dabalanii uffachuudhaan yeroo isaan achi ba'anii akka wayiitti faarfachuu jaqaban, Waaqayyo gara isaanii dhaggeeffata jennee yaadanaa? Inni ergamoota osoo Inni nama hin uumin dura irraa kaasee faarfatanii Isa gammachiisan achii qaba. Baatee akka fedhe jiraachaa, uffata Waaqayyo jibbu uffachaa, akkamitti inni kan Waaqayyooti jettee yaadda? Ati, "Tole, ani kan…" jetta.

"Yommuu ani hundee lafaa kaa'e, ati eessa turte? Hundeen isaa maal irra dhaabame? Yookiis dhagaa isaa isa golee qajeelchu eenyutu dhaabe? Ati yeroo sana eessa turte?" Waaqayyo ogummaa keenya keessaa waa muraasa ni barbaada jettanii yaaddu. Ogummaan keenya Isaaf gowwummaa dha. Inni waan nan godha jedhe in raawwata.

52 Amma hubadhaa, Waaqayyo uumama biraa uumuuf qoqophaa'aa jira. Inni lafa warri du'an keessa jiraatan, lafa jireenya du'aa uumaa jira. Ergamoonnis waaqa irratti faarfatan. Garuu kunoo jireenya haaraa, jireenya bara baraa namaaf uumuutti jira, Inni karaa ergamoota Isaa namoota Isaatiif faarfataa jira; lafa irratti malee waaqa irratti miti. Irri waaqaa jireenya bara baraa qaba ture, ilaalaa. Innis faarfatee… yommuu uumamni du'an uumamanitti isaan waaqa irraa faarfatan; asitti immoo uumamni hin duune dhufaa jira, isaanis saba lafa irraaf faarfataa jiru. Lafa irratti yeroo jalqabaatiif warra tiksee hoolaatiif faarfatan. Nama dinqa, nama hin dinquu?

53 Inni uumama haaraa jalqabe. Uumamichi maal ture? Ofii Isaa uumuu ture. Waaqayyo foon uffatee nu gidduu buufate. Kana jechuun…. Macaafni Qulqulluun, "Isa wanti Waaqayyo uume hundinuu biraa ka'e" jedha. Waaqayyo bifa namaatiin uumame; Yesuus Kiristoos ilama Isaa keessa Waaqayyo buufate. Godoo qulqulla'aa Isaa foonii fi lafee isaatiin ijaare, godoo qulqulla'aa sana keessas in buufate; Waaqayyo, Amaanu'eel jechuun, "Waaqayyo nu wajjin jira" jechuu dha. Inni isa keessa jiraachuuf mana Ofii Isaa ijaare, karaa sanaanis Sagalee garboota Isaatti calaqqisiisuu danda'e. Yeroo Kiristoosiin argitan, Waaqayyo maal akka ta'e bartu.

54 Yaadadhaa, yeroo hundumaa yeroo mootiin dhalatu faarfannaa (sirba) tu jira. Meeqan keessantu kana beeka? Eeyyee ni beektu. Ba'eessa, amma, utuu Mootiin kun goda sanatti dhalatee, utuu dubartiin tokko iddoo ta'e tokkoo dhuftee gara kaatediraalaatti fiigdee, "Dafaatii siree qopheessaa, dokteerotas fidaa, sababiin isaas an Amaanu'eeliinan gara biyya lafaatti fiduuf jedhaa" jettee maal ta'u yaaddaniittuu? Naazireet madaraa tuffatamtuu, magaalaa Tuksan ykn isaan hafan hundumaa irra tuffatamtuu keessaa dubartiin hiyyeettiin kun dhuftee, gara angafa lubaatti ol fiigdee, "Amaanu'eeliin da'uufan jedha" utuu jettee. Silaa mana hidhaatti ishee darbatu turan. Dhugaadha, silaa kana gochuun isaanii mirkanaa'aa dha. Kana gochuun isaanii beekamaadha. Silaa inni nama gantummaa akkasii saba isaa gidduutti fiduuf

jiru kanaaf hin dhaabbatu ture. Inni har'as isa bira hin dhaabatu. Har'as kan ta'aa jiru sanuma, isuma sanatu ta'aa jira.

55 Hubadhaa, faaruun jiraachuu qaba. Mootonni… Silaa inni fin faarfamu ture. Silaa sabni Isa hin faarfatan turan, sababiin isaas waan Isa hin amanneef. Sababiin isaas kanuma….Kunoo inni dhufeera, tarii isinis akkasuma argachuu dandeessu. Kanaafidha sababiin har'a namoonni Waaqayyoon galateeffachuutti qaana'an, isaan Kiristoositti qaana'uu! Kaatediraalonni gurguddoon cuuphaa Hafuura Qulqulluu hin fudhatan, karaa barsiisa mana amantii isaaniin waan kaa'amaniif isa hin fudhatan. Waaqayyo nama karaa isaa galata argachuu danda'u argachuuf deema. "Waaqayyo dhagoota kanattii Abrahaamiif ijoollee kaasuu danda'eera," ammas irra deebi'een Yohaannis keessaa isiniif tuqe.

Hubadhaa, warri Isaaf bitaman Isaaf faarfachuu qabu. Yeroo sanatti warri Isaaf bitaman immoo ergamoota Waaqayyoo turan, isaanis immoo tiksoota warra ergaa Isaa fudhataniif faarfatan.

56 Eeenyutu dursee dhaga'uu qaba? Dhugaadha, warra Isaaf bitamaniidha. Eenyutu faaruu Mootichaa dursee dhaga'a yoo jenne, warra Isaaf bitamantu dursee dhaga'a. Warri Isaaf bitaman kun eenyu? Waan nama naasisudha, akkas mitii obbolootaa? Isaan abbootii amantii Isaa miti. Warra ti'ooloojii miti. Sun sirriidha. Namoota gareelee dhaabbata amantii miti. Lakki, isaan tiksitoota turan. Maaliif? Kan dhalate hoolaadha, sababiin isaas isa kana, hubadhaa. Warri isaa bitaman in dhaga'an, Waaqayyos akka isaan amanan dursee beeka ture. Waaqayyo warra amananiif ergaa Isaa erge. Inni ogummaa hundumaa ti; Inni ergaa Isa eenyutti akka ergu, eenyu akka isa amanus in beeka. Isa waaqarraa hundumaa gararraa jirutu gara isa lafarraa hundumaa gadi jiruutti ergame.

Yesuus Maatewos 5 irratti, "Karaa hafuuraatti hiyyeessota warri ta'an haa gammadan, mootummaan waaqaa kan isaaniiti" jedhe. Maariyaama, …keessatti, yaadannoo Caaffata Qulqulla'aa qabachaa jirtu yoo ta'e, Maatewos 5 keessatti argattu. Yaadannoo caaffata qulqullaa'aa keessaa qabachaa jirtu yoo ta'e, wanti ani asitti barreessee iru caaffatoota qulqullaa'oo dha.

57 Maariyaam yeroo Hafuuraan dibamtetti, yeroo Hafuura Qulqulluudhaan dibamtetti, Luqaas 1:52 irratti akkas jette, "Gooftota ol of qaban teessoo isaanii irraa isaan buuse; warra gadi deebi'anis ol isaan kaase." Maariyaam haati Yesuus, "warra gadi deebi'an ol isaan kaase" jette.

Maarqoosis akkasuma, "Namoonni idileen (common people KJV) gammachuudhaan isa in dhaggeeffatu turan" jedhe. Haayyoota miti, warra ti'ooloojii miti, warra doktoorummaa amantii baratan miti; namoonni warri idileen garuu, namoonni warri gadi deebi'oon garuu gammachuudhaan Isa dhaggeeffatan.

Caaffata Qulqullaa'oo hundumaa keessatti ergaan furii namaa karaa tiksitootaa fi karaa hoolotaa kenname.

Amma gara xumuraatti dhufuun qaba, sababiin isaas yeroon keenya gara xumuraatti deemaa jira. Gara yaada kanaatti isin geessuuf jecha Caaffata Qulqulla'aa hedduu bira darbaan jira.

58 Guutummaa Caaffata Qulqullaa'oo hundumaa keessatti, furiin karaa tiksitootaa fi hoolotaa bakka bu'ameera. Sirrii dha. Hundi keenyas kana irratti walii galla. Maaliif? Inni gaaddidduu fi fakkeenya keessa ture. Akkasumas waanuma fedhe…. Osoon harka koo argee hin beeku ta'ee, gaaddidduu harka kootii immoo asii gaditti ilaalee quba shanis akkan qabu utuun argee, calaqqee isa dhugaa ta'uun hubadha; negeetiiviitu poozatiivii irraa calaqqeessa'a. Ergaan furii ilmaan namaa yeroo hundumaa karaa hoolotaatiin kan dhufuufis kanaafi, sababiin isaas jalqaba irraa kaasee… karaa hoolotaa ture, Inni karaa tiksitootaatiin Ofii Isaa mul'ise. Hunduu gaaddidduu fi fakkeenya ture.

59 Amma mee jalqaba irraa kaanee haa ilaallu. Addaamii fi Hewaan ergaa Inni isaanitti kenne dhaga'uuf fuula Waaqayyoo dura yommuu dhaabbatan, gogaa hoolaa mudhii isaaniitti marxifatanii turan. Ergaan jalqaba dhaga'ame gogaa hoolaa qalame tokkoo irratti kenname, Waaqayyo hoolaa qalee gogaa hoolichaatiin Addaamii fi Hewwan golge. Isaan amantii baala arbuu kan ofii isaanii uummachuuf yaalan, sunis hojjechuu dide. Aarsaan araaraa hoolaadhaan akka ta'u jalqabumarraa kaasee hundeeffame, aarsaan hoolaa.

Amma kana gara xumuraatti dhufaa jirra, maaliif tiksoota ta'uu akka qabu isinitti agarsiisufan jira; maaliif Inni hoolaadha waan ta'eefi.

60 Amma, raajonni Kakuu Maoofaa gogaa hoolaatiin of golgu turan (kana ni beekna, uhu-huu), kunis amantii isaan Sagalee Isaa isa kan Hoolicha mudaa hin qabnee, Isa dhufuuf jiruu agarsiisa. Kanaafi raajonni…

Amma, Sagaleen Waaqayyoo gara oggeessa ti'ooloojiitti hin dhufu,… hin jiru, inni nama waliin dha'udha. Kun sirriidha. Wanti akkas jedhamu tasumaa hin jiru. Isin, "Namnichi kun hayyuu ti'ooloojii ti" jettu. Waanan beeku hundumaa keessaa kan Sagalee Waaqayyoo irraa isa fageessu ti'ooloojiidha. Argitanii? Sagaleen Waaqayyo Gooftaa hin jijiiramu, Waaqayyo hin jijiiramu, gonkumaa hin jijjiiramu. Macaafa Qulqulluu keessaa iddoo kamittuu, Sagaleen Waaqayyoo gara raajotaa dhufe! Isaanis yeroo

hundumaa fudhatama dhabbsiifaman, ni tuffataman.

61 Raajonnis yeroo baay'ee tiksituu hoolotaa turan. Raajonni gogaa hoolaa marxifatanii itiin of golgu turan, sababiin isaa gogaa hoolaa tiksanii uffatan waan ta'eef. Ergaa jalqanaa inni dhalootatti farade gogaa hoolaa irratti dhufe. Ammas irra deebi'een jedha, raajonni gogaa hoolaatiin of golgan, sababiin isaas aarsaa dhi'aatu sanaaf hoolaan mudaa hin qabne akka dhufaa jiru waan amanan sanaan dhugaa ba'aa turan. Dubbiin Waaqayyoos gogaa hoolaa irraan gara isaaniitti dhufe. Tiksoonni kun…ykn raajonni kun yeroo baay'ee tiksiitoota turan. Abrahaam tiksituu ture. Yisaaq tiksituu ture. Yaaqoob tiksituu ture. Museen tiksituu ture. Daawit tiksituu ture. Bakka bu'oonni Waaqayyoo hundinuu tiksitoota turan.

62 Amma maaliif gara tiksootaa akka dhufu baruuf jirra. Hoolonni tikseen isaan qajeelchu malee gargaarsa akka hin qabne ni beeku turan. Isaan… hoolaan tokko guutummaatti gargaarsa hin qabaatu, ofii isaatiin deemuu hin danda'u. Kanaafidha Waaqayyo ijoollee Isaa warra amantoota hoolotatti kan fakkeesseef. Kan dura bu'ee karaa isaanitti agarsiisu qabaachuu qabu. Garuu maaltu akka isin dura bu'ee isin geeggesuu ilaalladhaa! Re'ee duukaa hin bu'inaa, inni gara mana qalmaatti isin geessaa! Waaqayyo gonkumaa re'ee nuuf hin kennu, akka ni geggeessuuf Ilma Isaa, Hafuura Qulqulluu nuuf kenne. Inni geggeessaa keenya, Inni tiksee namtolchee utuu hin ta'in, tiksee Waaqayyo nuuf kenne kan hoolota nyaata hoolotaa nyaachisudha.

63 Amma mee booyyee fudhaatii, "Hoolaan si godha" ittiin jedhaa. Mee dhagna ishee irraa dhiqaa. Qeensa irraa qoraatii ishee mimmiidhagsaa. Achumaaniis akka hoolaatti nyaata isheedhaaf kennaa, mee nyaata gaarii isaa isheedhaaf kennaa. Akkasumas dirree lafaa bal'aa ykn bakka hoolonni dheedanitti bobbaasaa. Dirree sana keessa boolli dhoqqee xiqqoon wayii jiraannaan, booyyeen sun dhiibbattee boolla dhoqqee sanatti galuuf of duuba hin mil'attu. Argitanii? Maaliif? Uumamni ishee amma iyyuu booyyee waan ta'eefi. Sababiin miseensonni waldaa bara har'aa wantoota biyya lafaatti of kennanii jiraataniifis uumamni isaanii waan hin jijjiiramneefi. Isaan firfaarii (slop) mana amantii isaanii, firfaarii ti'ooloojii irraa nyaatu, garuu Sagalee Waaqayyoo dura dhaabachuu hin danda'an. Isaan ol seenanii Sagalicha in dhaggeeffatu….

64 Ni beektu, fakkeessituu guddaan biyya lafaa kana irratti arraagessa durii ti. Macaafa Qulqulluu keessatti markabicha keessaa kan ba'an uumama lamatu ture. Arraagessi durii sun ba'ee as hin deebi'in hafe, sababiin isaa inni goggocoroodha, soorattii raqaa ti. Inni reeffa wantoota du'anii irra qubatee foon raqaa sanaan garaa isaa guuttate. Garuu yeroo inni gugettii baasetti, ajaa'aa ala sanaa dandamachuu waan dadhabdeef gara mana abbaa ishee, gara Nohitti deebitee, hamma Nohi balbala bane ol ishee galchutti balabala irratti reebde.

Amma, arraagessi as ka'ee farda du'e irra qubatee guyyaa guutuu nyaachuu danda'a, achii ka'ee gara dirreetti balali'ee gugee wajjin midhaan qulqulluu nyaachuu danda'a. Gugeen garuu as balaliitee farda du'aa nyaattee, achi deebitee midhaan nyaachuu hin dandeessu; raqa yoo nyaatte ishee ajjeesa. Ilaalaa, gugeen hadhooftuu hin qabdu, isheen isa bulleessuu hin dadeessu.

Gugeen Waaqayyoo kamiyyuu, gugee ykn hoolaan Sagalee nyaattu kamiyyuu, bineensi qulqulluun, yeroo ati wanta biyya lafaa isaaniif kennuuf deemtu, isaan isa gooftaan isaanii , "Namni tokko biyya lafaa yookiis waan biyya lafaa jaallachuutti yoo hidhame, Waaqayyo abbaa jaallachuun isa keessa hin jiru" jedhe beeku. Ati waan Sagalee Waaqayyoo faallessu kenninaaf, isaan isa siif obsuu hin danda'an. Garuu Daabiloosii fi biyyi lafaa sana fudhatanii, hundumaas kan Waaqayyooti jedhanii waamuu danda'u. ayitii fi bishaanni walitti makamuu hin danda'an, gonkumaa wal hin fudhatan.

65 Isaan, tiksoonni sun hunduu hoolaan tiksituu malee gargaarsa akka hin qabne beeku turan. Isaan tiksoota turan, inni tikfamuu akka qabus in beekuu turan.

Har'a wanti nama gaddisiisu garuu isa isaan hoolota firfaarii nyaachisuuf yaalaniidha. Hoolonni garuu isa hin nyaatan. Lakki, obboo! Argitanii, yeroo sanatti hoolaa firfaarii nyaachisuuf yaalaa turan. Yeroo Sagalichi dhufetti, isaan firfaarii nyaachuutti waan baraniif yeroo Sagalichi dhufe Isatti baruu hin dandeenye. Har'a yeroo Waaqayyo waan tokko gochuuf mul'inatti mirkaneessuttis isaan akkasuma godhu. Sana booda isaan akka malee firfaariitti waan barataniif, firfaarii waan sooramaniif, hanga isin… isaan waliin haasa'uun hin jiru, isaan isa hin dhaggeeffatan, dhuma dubbiiti. Sareen…. Macaafn Qulqulluun, "Sareen diddigee diddiga isaatti in deebi'a, booyyeen dhiqatee dhoqqee keessa gangalachuutti in deebi'a" jedhu, isaanis akkasuma.

Dubbicha dhaga'i, gara dhoqqee duraan keessaa baateettis deebi'i! "Ahaa, kun finxaalessummaadha. Waan akkasii akkasitti hin amanin" in jettas.

66 Hoolonni Waaqayyoo har'as akkasuma godhu, isaan nyaata Sagaleetti amanuu qabu. Isaan nyaaa kan biraa hin nyaatan. Nyaata mana mana amantii (ecclesiastical diet) hoolaa dhugaatiif kennuu hin dandeessan. Lakki! Lakki! Dhaqaatii, "Amma ilaalaa, nuyi hundi keenya bara tokkoomuutti deemna. Amma, Yesuus hundi keenya 'tokko' akka taanuuf kadhateera" ittiin jedhaa. Wanti Tuksan keessatti dhi'eenyuma kana, guyyoota muraasa dura dhageessan isuma kana, garuu sobadha! Yesuu gonkumaa…hin kadhanne.

Inni akkamitti….Akkamitti Sagaleen Waaqayyoo akka wal dhiitu gochuu dandeessu? Of duuba deebi'ee Ofii Isaa faallessa utuu ta'ee, silaa Waaqayyo nama kam irra iyyuu kan caalu miti ture.

Yesuus, “Namoonni lama walitti dhufanii utuu waliif hin galin walii wajjin dhimma tokkoof adeemuu ree?” jedhe. Akkamitti Methodist, Baptist, Presbyterian, fi Kaatolikii walitti dabaltanii tokko gochuuf deemtu? Akka yaada namaatti tokko isaan taasisuu dandeessu, Yesuus garuu, “Anii fi Ati tokko akka taane, isaanis tokko akka ta'aniif” jedhe. Amma, Inni hundi keenya Isa keessatti tokko akka taanu barbaada innis Sagalee Isaa ti! Ameen! Achitti, “Abbaa wajjin tokko” jedha. Abbaanis Ilma, tokkuma. Innis Dbbichuma sana, Sagalicha mul'ate, Isa guyyaa kana keessatti akkuma guyyaa biraa kam iyyuu of argarsiisudha, isinis akkasuma in taatu.

67 Hubadhaa, Inni, “Akkuma Abbaan ana erge, anis isin nan erga” jedhe. Abbaan Isa ergee, Dubbicha mirkaneessuufis Isa keessa dhaqe. Yesuus Isauma saba Isaa ergutu saba erge sana keessa dhaqa; innis dubbii, “Hojii ani hojjedhu, isinis in hojjettu” jedhu dha. Dhugaadha, nuyi tokko akka taanuuf kadhateera; Isaa wajjin tokko akka taanuuf malee jaarmiyaa wajjin tokko akka taanuuf miti. Sirnaa (system) wajjin tokko akka taanuuf miti, Waaqayyoo wajjin tokko akka taaneef malee. Waaqayyoo fi Sagaleen Isaa tokko waan ta'eef, Yesuusii fi Waaqayyos tokko waan turaniif; ana, isinii fi Sagalichi tokko ta'uu qabna. Sirriidha. Sagalicha irratti walii gallee tokko ta'uu qabna. Waan namni kan biraan jedhu miti, inni hiikkaa namni dhuunfaan itti kennu miti waan ta'eef. Fudhadhaa, waan inni jedhu, itti amanaas; Waaqayyos ni mirkaneessa, sirrii ta'uu isaa ni mirkaneessa. Bartoota duwwaadhaaf kan kenname isinitti fakkaata, sagalee Isaa fudhadhaa dhaqaa al tokko yaalaatii ilaalaa. Akkuma Inni abdachiisetti utuu siif raawwatuu arguuf jirta. Eeyyee, obboo!

Firfaarii hin nyaatan, nyaata hoolaa nuaachuu qabu. Qulqulluu Yohaannis boqonnaa 10 irratti, “Hoolonni koo sagalee koo beeku” jedhee labsa. Inni Sagallicha (the Word) erga ta'ee, yoos Inni sagalee (voice) akkamii qaba? “Hoolonni koo sagalee koo beeku, warra ormaa duukaa hin bu'an,” ilaalaa. Yesuus, “Isaan sagalee ormaa duukaa hin bu'an” jedhe. Kanaafuu, hoolonni isaa sagalee ormaa duukaa hin bu'an. Isaan isaan sana duukaa hin bu'an.

Raajonni, toksoonni, hoolonni hunduu waa'e isa dhufuuf jiruuf dhugaa ba'u.

68 Amma Waaqayyo Isa hin jijjiiramne karoora Sagalee Isaa isa hin jijjiiramne guyyaa har'aa keessatti ilaalaa. Mee amma daqiiqaa muraasa qofaadhaaf itti yaadaa: Sagalicha isa hin jijjiiramne.

Amma ilaalaa! Museen ergaa Nohi qabatee utuu dhufe ta'ee, silaa inni hin hojetu ture. Utuu Yohaannis cuuphaan ergaa Musee qabatee dhufe ta'ee, silaa ergi hin hojjetu ture. Utuu Yeruus ergaa Museetiin dhufe ta'ee; ykn ergaa Nohi qabatee dhufe ta'ee silaa inni hin hojjetu ture. Utuu Wesiliin ergaa Luuter qabatee dhufe ta'ee, silaa ergichi hin hojjetu ture. Warri Pheenxeqoostaalii ergaa Wesilii qabatanii dhufan utuu ta'ee silaa hin hojjetu ture; dhuga ba'umsa kanaa dhageenyeerra. Amma, Waaqayyo adeemsa Isaa iyyuma fufa. Sagalichi qofaa ilaaluudhaan eessa akka jirru in barra.

69 Labsiin tiksee jalaqaa maaliif…. Raajinni ku hundi, namoonni gurguddoon kun hundi tiksoota erga turanii, maaliif Waaqayyo inni hin jijjiiramne asitti mala Isaa jijjiiree gara warra ti'ooloojii akka dhufu godha? Tiksoota ture. Dhufaatii Hoolicha mudaa hin qabnee, Hoolichi aarsaa cubbuutiif dhi'aatu gara tiksee dhufuu qaba.

Tiksichi hoolota isaa eenyu iyyuu caalaa beeka. Namni akka tiksituutti waa'ee hoolaa beeku hin jiru, inni itti leenji'eera. Isaan nyaata akkamii aka nyaatais isatu beeka ture. Waan hoolonni nyaatan ni beeka, waan isaan nyaataniniins hoolota isaa in beeka. Hoolaan tokko baatee mana firfaarii keessaa nyaachuu arginaan, “Funaantuu raqaa sana gadi baasaa” jedha. Argitanii? Kanaaf Waaqayyo eessatti akka isaan ergu beeka ture.

70 Amma immoo Waaqayyo raajota kana keessa gogaa hoolaa jalatti isaan keessa akka ture mirkaneessuuf raajota-tiksoota Yaahwee gurguddoo keessaa tokko maqaa haa waamu. Amma sirriiti caqasaa. Jalqaba irratti Musee ilaalla. Mee isa haa ilaallu. Tajaajilli isaa tiksee-raajii Isaa keessatti Yahwee nutti agarsiisa. Amma, tarii daqiiqaa kurnan hafaniif, nama tokko fudhannee kan waliin ilaallu ta'a. Isaan keessaa lama fudhannee utuu ilaallee gaarii ta'a, garuu inni kunuu ga'aa natti fakkaata.

Musee; Yahween asitti Ofii Isaa agarsiisa, tiksee-raaii kana keessatti. Tajaajila isaa fi waamicha isaa jaarsolii Isaraa'elii fi Fara'oonitti akka mirkaneessuuf kennawwan sadii isaatu isaaf kennaman. Amma, raajii tiksee kana hubadhaa. Inni yeroo hundumaa raajota Isaa keessa Waaqayyo jiraachuu milikkita diniqisisaa waaqarraa (Supernatural sing)tiin mirkaneessa; dinqiin waaqarraa yoo ta'uudhaa baate argamuun waaqayyoo jiraachuu hin danda'u waan ta'eef. Dinqiin waaqarraa utuu hin hordofin Yaahween gonkumaa mul'atee hin beeku. Akkas ta'ee ture. Kanaafis Inni raajota kanaa wajjin turuudhaa, rajiin isaan dubbataa turan akkataa Dubbii Sagalee Isaatti ta'uu isaa mirakaneessaa ture.

71 Amma, mallattoo inni jalqabaa … tiksee raajii ta'e kanaaf kenne (ilaalaa), ulee isaa gara bifaatti jijjiire.

Lammaffaa, harki isaa gara lamxiitti jijjirame.

Sadaffaa, bishaan laga abbayyaa irraa fuudhee dhiigatti jijjiiruu.

Amma, Inni milikkita kana sadaniin Gibxiif akkasumas Israa'eliif mirkaneesse, innis inni Sagalee Waaqayyo dubbate ta'uu isaa ti.

Amma, yaadadhaa, Museen gara waa uumuutti dhufe! Sirriidha. Inni cirracha ammaaree qilleensa keessa ol darbatee, “Injiraanni haa dhufan” jedhe, injiraannis yaa'anii dhufan. “Injiraanni haa dhufan” jedha, injiraannis in dhufu. “Fatteen haa dhufan,” fattewwanis in dhufu. Inni gara uumamuutti fide! Amma, namni waa uumuu hin danda'u, garuu jalqabuma irraa inni nama hin turre. Inni Yahwee raajii-tiksee Isaa keessa ture ture! Ameen!

72 Akeekkadhaa! Mallattoon sadaffaan Inni isaaf kenne hojii isaa hojii isaa wajjin kan wal hin qabanne, akkasumas namummaa isaa wajin kan wal hin qabate hin turre; mallattoon isaa inni sadaffaan. Hubadhaa, mallattooleen lamaan isaan gara jalqabaa hojii isaa, akkasumas namummaa isaa wajjin kan wal qabatan turan. Macaafni Qulqulluun akka jedhutti milikkitoota lamaan duwwaatu “Sagalee (sagalee) qaba” ture. Milikkinni inni kaan sagalee (voice) hin qabu ture. Mikkitoonni lamaan nama isaa irraa saba isaatti kenname sagalee qaba. Milikkinni sadaffaan garuu, hubadhaa, inni kana kenname … milikkinni sadaffaan, milikkita du'aa ti: bishaan gara dhiigaatti jijjiiramu. Dhiigni keessan gara dhiigaatti jijjiiramnaan, sana booda in duutu. Iddoon dhiigni jirus, iddoon dhiigni itti dhangala'e milikkita du'aa ti; innis kan Fara'oon ture. Inni sadaffaan bishaan laga Abbayyaa gara dhiigaatti jijjiiruu ture, ergaan isaas Waaqayyo laga Abbayyaa irratti, waaqa laga Abbayyaa irratti Waaqayyo ta'uu Isaa agarsiisuuf ture. Inni waan hundumaa irratti Waaqayyodha, saba sanatti du'a fiduuf deema. Milikkinni dhiigichaas kanuma ture. Oo, yaa anaa! Milikkinni du'aa kallattiidhaan: dhiiga!

73 Warri kaan lamaan garuu sagalee raajii qabu turan. Amma, waanan jechaa jiru sarara saraan dubbisaa akka jirtan abdiin qaba. Milikkitoonni lamaan hafan garuu waa'ee fuuldura isaanii ilaalchisee sagalee raajii Israa'elotaaf dubbatame ture. Yeroo dhi'oo dura isin warra yeroo dhagaan ol darbatame gaara sanarra turtaniif….

Amma, kan inni gochuuf deemu … akka inni isaaniif hojjetuuf uumama jijjiiruuf deemaa ture. Mee utubaa sibiilaa ilaalaa, bificha ilaalaa, Galaana Diimaa ilaalaa, waan Inni godhe hundumaas ilaalaa. Ulee tiksee sanaatiin karaa isaan irra deeman tolfamuu ilaalaa. Uleen tikaa sun harke tiksee sana keessa ture, ti'ooloojii hundumaa bira darbee waan luboonni jedhan hundumaa biras darbee, uleen tiksituu sun qofti karaa akka yaada namaatti hin danda'amne irra isaan geggeesse. Fara'oon, “Fincaa'aan bishaanii gaarren keessaa dho'ee bishaanitti gad yaa'e, achiis gara dhiigaatti jijjiirame” jedhee yaaduuf yommuu yaalu, Waaqayyo samii keessaa ibidda gadi roobse. Inni dha'icha bantii waaqaa keessa gadi roobse, Inni injiraan lafa irrattii fi waan hundumaa irratti roobse.

74 Inni maal godhe? Ulee tiksee sanaan malee, kitaaba barataatiin miti. Yaada ti'ooloojiitiin osoo hin taane, ulee tiksee! Daqiiqaa muraasa keessatti itti dhufaa jirra, Inni ulee tikseetiin hojjete. Kitaaba kadhannaa mana amantii (denomination) osoo hin taane, ulee tiksee ti. Uleen tikseetiin hoolota isaa qajeelchaa, gara Sagalee abachiifamaniitti biyyicha keessa yeroo deeman ulichaan karaa isaaniif qulqulleesse. Uleen tikaa guyyaa har'aa attam bareeda, hara'a, isaan hoolota Isaa gara biyya abdachiifameetti geggeessaa jira; Inni ti'ooloojii hundumaa fi waan biyya lafaa hundumaa, manneen amantii hundumaa, waan hundumaa bira darbe; Inni karaa banuudhaan Sagalee Isaa dhugaa ta'uu mirkaneesse; uleen tiksee fuulduraa deemaa jira.

75 Hubadhaa, Uleedhuma isa hoolotatti karaa agarsiisaa turetu…. Kana ni amantuu? Inni dhugumaan hoolota isumaan qajeelche, inni uleedhuma sana harkatti qabatee Gibxii keessaa isaan baase. Waa'ee isaa waan baay'ee jechuu dandeenya. Garuu yaada ijoo ta'e qofa haa tuqnu, inni hoolota dura bu'ee geeggeesse, warra isa fudhachuu didanitti immoo firdii erge! Ulee isuma tokkof eebba ta'utu warra kaaniif abaarsa ta'a. Bishaan isuma Nohi lallabee isa oolchetu biyya lafaatti dheekkamsa fide. Ulee isuma Israa'elota gara biyya abdachiifamaniitti geessetu warra raajii-tiksee sana duukaa bu'uu didanitti farade. Sirriidha, isumatu ulee dheekkamsaa ta'a.

Uumama; Waaqayyo uumama isaatiin akkamitti akka dubbatu hubadhaa. Utuu yeroo qabaannee. Yaadannoo tokko barreesseen ture: Waaqayyo uumama Isaatiin dubbachuu isaa. Yeroo itti isa mirkaneessinu hin qabnu.

76 Garuu bofa sibiila boorrajjii sana ulee tiksee sanaatti maruudhaan booda lafa onaa keessatti mirkaneesse, kunis waa'ee araara dhugaa dhukkubaa fi cubbuudhaaf godhamuu dubbata.

Uleen sun mataan isaa Fara'oon duratti gara bofaatti kan jijjiirame si'a ta'u, Fara'oon immoo warra tolchituutti (magician) dhimma ba'ee kan fara'oon fakkeessuuf yaale. Fara'oononni bara hara'aas, warri itti fakkaassuuf amanan, warri fooniin ergaatti fakkeessanis, inni eessaa irraa akka dhufe utuu hin beekin fafakkeessuuf yaalaa jiru; yeroo inni akkuma qilleensaa bilisaan kennametti, isaan imoo dhaabbata

amantii wayii keessa kaa'anii achitti itti cufuuf yaalu. Dhugaadha! Garuu immoo fafakkeessuuf yaalu, itti fakkeessanii hojjetu.

Garuu, hubadhaa,uleen tiksee kun boffoota warra kaan liqimsee nyaatee fixe. Bofoonni sun eessa turan? Isaan ulewwan lafarra turan si'a ta'u, ulee tokko qofaatu ol kaafame. Yeuus, "Waaqanii fi lafi in darbu, dubbiin koo garuu hin darbu" jedhe. Waa'ee araara dhugaa cubbuudhaaf dhufuu dubbata.

77 Akkasumas, egeree Isiraa'el kan dhi'eesse … akkamitti waa'ee Isiraa'eel amma irraa gara fuulduraatti akka dubbate beeka. Achitti raajii-tiksee ta'e kanaan hdihaa garbummaa irraa bilisa akka ba'aniif isaaniif dhi'aate. Isaan garbummaa keessaa kan baafaman raajii-tiksee ulee of harkaa qabuun ture, ilaalaa. Inni waa'ee egeree Isaraa'el isa isaan du'aa fi si'ool irraa bilisa ba'uuf jiranii, waa'ee tiksee-raajii isa gara fuulduraa, isa amma waa'ee isaa dubbachuuf jennuu dubbata.

Amma, hundumaaf … akkuma nuyi beeknu Isiraa'el hundi dubbii raajii-tiksee hin fudhanne, isiraa'eloonni hundi isa hin fudhanne. Amma, hubadhaa, isaan mamaa turan. Yeroo inni dinqii hojjetu, "Oo" jedhu turan, "inni nama guddaadha" jedhu, Yommuu inni gara ergaa isaatti dhufu immoo, "inni waan kan biraa ture." Milikkitoonni gurguddaan hundi ergaa haaraa dhufaa jiru hordofa. Sana ni beekna. Lafa onaa keessatti isa irratti ka'anii, lafuma onaa sana keessatti kumaatamaan du'an. Ifatti yoo dubbanne, namoota milooya lamaa fi walakkaa keessaa, namoota miliyoona lamaa fi walakkaa achi keessaa ba'an keessaa nama lama qofaatu baraarame.

Isin, "Sun … Maal ta'an in jettu?" Isaan du'a bara baraa du'an.

"Obboleess ko, Branhaam, hundumti isaanii moo?" Yesuus hundumti isaanii jedheera.

Isaan, "Abaabiliin keenya lafa onaa keessatti Maannaa nayaataniiru, kattaa keessaas bishaan dhuganiiru" jedhan.

Innis dubbatee … Yesuus deebisee, "Abaabiliin keessan lafa onaatti nyaata 'Maannaa' jedhamu nyaatan, haa ta'u malee in du'an" isaaniin jedhe. Ni du'an, hundi isaanii bara baraa irraa adda baafaman.

78 Karaa Waaqayyo nuuf kenne irratti gungumuu isaanii hubadhaa, sababiin du'aniifis isa kana. (Amma, sirriitti itti dhi'aadhaa, qabxiwwan gara dhumaa kun isin jala hin darbin.) Isaan in gunguman! Lafa onaa keessatti maaliif du'an, waan karaa Waaqayyo qopheesseen mormaniif du'an: ergaa nama tokkichaa, ergaa raajii tokkichaa, geggeessummaa nama tokkichaa waan mormaniif du'an. Yeroo itti Waaqayyo gurmuu namootaatiin saba geggeesse mee natti himaa. Macaafa Qulqulluu keessaa argachuu hin dandeessan. Nama tokkicha, isaan…. Dubbiin Sagalichaa gara Musee dhufe!

Qoraahi; ofii isaatii isaan walitti qabee Waaqayyo waan akkasii hojjechuuf akka hin taane, nama tokko ergaa akkasii wajjin hin ergu jedhee mormii akka kaase in beekna. Innis, "Hundi keenya iyyuu qulqulluu dha. Maaliif garee amantii ofii keenyaa qabaachuu hin dandeenyu? Maaliif isa dhaabbachuuu hin dandeeny, maaliif kana godhachuu, sana godhachuu hin dandeeny?" jedhe.

Waaqayyo Museedhaan, "Isa irraa adda of baasi, waa'ee isaatiif obsa fixadheera" jedhe. Hubadhaa, Yihudaanis waa'ee guyyoota gara dhumaa kanuma dubbate. Sirrii dha. "Akkuma Qoraahi momanii Waaqayyo irratti ka'uu isaaniitiinis balleeffamuu isaanii ti" jedhe. Akkasumas Qoraahii fi kanneen hafan Sagalee Waaqayyoo fi ogummaa Waaqayyoo geggeessummaa namtokkee sana gaaffii keessa galchan maal akka ta'an beektu: tokkoon tokkoon isaanii ni balleeffaman.

79 Amma, Waaqayyo tiksee-raajii keessatti karoora isaa gara fuula duraa millikkita sagalee (voice) itti aanuu keessatti agarsiisa. Amma sirriitti ilaalaa. Achitti isa ilaalla, mee milikkita itti aanu keessatti haa ilaallu.

Amma, hubadhaa, inni obboloota isaa garbummaa jala, hidhaa jala jiranitti ergaa ittiin birmaduu isaan baasu qabatee, milikkita dubbii isaa mirkaneessu kan Waaqayyo irraa isaaf kenname qabatee ergame. Isiraa'el ergaa isaa duukaa bu'an, hundumti isaanii isa amanan, yeroo galgalaa'etti garuu…. Dinqii inni hojjete dukkaa bu'an, gara galgalaa garuu yommuu isaan … Inni ergaa, "Inni kun isa duraa irraa adda" jedhu kenne, Warri ergaa sana amanuu didan hundi ni dhuman. Sirriidha. Ergichi maal ture? Ergichi waa'ee firdii dhufuuf jiruu ture. Gara galgalaatti—yeroo gara galgalaatti Waaqayyo ergaa tiksee-raajii Isaa sabni sun amananii jiraachuu isaanii baruuf gara buufata Isiraa'elitti gadi bu'e; warri isa hin amanne hundu in dhuman.

80 Amma hubadhaa, yeroo muraasa booda gara tiksee guddichaatti dhifuuf deemna, ilaalaa. Tajaajila tiksee-raajii guddichaa hubadhaa. Dinqii Isaatiif, waldaan hunduu balbala bantee isa simatti turte. Dhukkubsataan isaanii akka fayyu barbaadan. Wantootni gurguddaan hojjechuu barbaadan. Jaallatamummaan Isaa guddaa ture. Yeroon gara galgalaa yommuu dhufe garu, guyyaa tokko erga bishaan gara wayiniitti geeddaree booda, erga kumaatama buddeena nyaachisee booda, erga dinqii garaa garaas hojjetee booda, gadi taa'ee isaanii wajjin haasa'uu jalqabe. Akkasis isaaniin jedhe, "Anii fi abbaan koo tokko. Isin maaliif, 'Abbaa nutti argisiisi' jettu?"

“Yaa obboleessaa! Namni kun Waaqayyoo wajjin wal of qixxeessaa?” Sun akkaataa yaada mana amantii isaaniitti waan baay'ee ture. Garuu dhugaa ture, Inni dhugaadha ture! Argitanii? Isaan kana yommuu godhanitti, baay'een isaanii Isa biraa hafan.

Inni sana booda gara isaaniitti gara galee, “ISin foon ilma namaa yoo nyaachuu dhaabaattan, dhiiga isaas yoo dhuguu dhaabaattan, jireenya of keessaa hin qabdan” jedhe.

Amma, namni qaroon, namni hayyuun maal yaade jettanii yaaddu? Luboonni mana qulqullummaa warri achitti Isa afeeran, achitti Isa afeeruu isaaniitti baay'ee qaana'an jedheen yaada. “Namni tokko lafaa ka'ee akkamitti 'Foon koo yoo nyaachuu dhaabaattan, dhiiga koo yoo dhuguu dhaabaattan' jedhee dubbachuuf yaala” jedhan. “Kun bulguu namaa ti, ilaalaa, 'Foon koo nyaadhaa dhiiga koos….' Maaliif jennaan, inni budaa dha. Isin namoonni yaada gaarii qabdan … isin nama maraatuu (lunatic) akksii irraa fagaadhaa” jedhan.

Inni raawwate ibsa itti hin kennine, Inni dubbatee qofa callise! Inni isaan gufachiisuuf dubbate, hoolota re'oota irraa addaan fo'uuf dubbate. Inni ittiin isaan ofirraa gatuuf kana godhe. Sana booda namni Isa tumsu tokko illee hin argamne. Guyyaa sana irraa kaasee tumsa tokkollee hin qaban turan.

81 Hubadhaa, yeroo galagalaa'etti, Waaqayyo gara iddoo buufata isaaniitti gadi bu'ee eenyu akka amane ilaale. Bara tiksee isa guddaa sanaattis akkasuma godheera. Tajaajila tiksee-raajii isa guddaa hubadhaa, garuu kana hubadhaa, warra ergaa isaa amananiif malee warra hin…. Ergaa isa gara galagalaa kana isaan hin amanne. Inni Waaqaayo akka ture isaan hin amanne. Nama gaarii ta'e tokko Isa gochuu barbaadan. Isaan raajii Isa taasisuu barbaadan. Inni nama gaarii, raajiis ture, garuu Inni kanarra kan caalu ture. Sun barumsa har'a baramaa ta'edha, innis, “Inni nama gaarii dha, Inni raajii ture” kan jedhu dha. Amaanu'eel ta'uuf wanti Isa hanqatu tokko illee hin jiru! Inni Waaqayyo Ilma Isaa Yesuus Kristoos keessaan mula'ate ture, Isaa fi Abbaa tokko godhe. Inni kanaa ala waan biraa ta'uu hin dana'u.

82 Zakaariyaas 14:7, tarii kana jechuun danda'a, waa'ee ifa yeroo galgalaa'uu fi ergaa ammas bara dhumaatti ergamuu dubbata. Sana hubattaniittuu? Warri Musee duukaa bu'an hunduu utubaa sibiilaa isa tulluu Siinaa irratti baasee isa mul'ise arganiiru. Inni waa'ee utubaa ibiddaa isa huuxxii qoraattii keessaatiin isa ergaa kana itti himee isaanitti dubbate, baay'een isaanii hin amanne. Garuu hammi isa duukaa bu'anii Gibxiidhaa ba'an (biyya lafaa keessaa ba'anii galaana adda-ba'iinsaa qaxxaamuranii gara lafa onaatti galan), utubaa ibiddaa isa inni tiksee-raajii sana tiksee hoolotaa akka ta'u mirkaneessuuf dubbate sana argan. Isaan isa arganiiru, baay'een isaaniis erga isa arganii booda ammallee hin amanne.

83 Ammas, Waaqayyo Inni gonkumaa hin jijjiiramne, tiksee-raajii guddichi, warra Isa bira turanii fi tajaajila Isaa wajjin turan gara Tulluu Ejersaatti akkamitti akka fudhate hubadhaa; tiksee-raajii guddaan, Inni nuti dubbachaa jirru, Yesuus dha. Abbaan Inni argee fi dhaga'e, utubaa ibbiddaadhuma sana , Isuma mirkaneessee Musee qajeelche sana dha.

Waaqayyo inni Museen dubbate sun, Inni Musee irra dhufee, Yahwee Inni Musee geggeessaa ture utubaa ibiddaatiin mirkaneesse. Waaqayyo tiksee-raajii Isaa keessa ture.

Asitti Inni, tikseen-raajii Inni guddaan, raajii guddaan, tikseen dhugaa Inni ta'eYesuus, tiksee-raajii kaan fudhatee, filannoodhaan namoota sadii fudhatee, fiixee Tulluu Ejersaa irra isaan geessee, isanis achitti Yesuus mirkaneeffatan. Akkasumas namoota biroo hundumaa irraa of dhoksee, “Kun ilma koo isa jaallatamaadha, isa dhaga'aa!” jedhe. Yommuu ol ilaalan Yesuus duwwaa malee nama tokko illee hin argine. Sirriidha. Inni tokkicha sana ture. Amma, akkan yaadutti sanatu isa iticha, ilaalaa.

84 [Teeppiirra bakka duwwaa….] Shekiinaan (Shekinah) [Teeppiirra bakka duwwaatu jira.]…fuula. Museen gaara Siinaa irratti fuula Shekiinaan dura ture. Inni fuula isaa jijjiire. Yeroo gadi bu'u fuula isaa aguuggachuu qaba ture, innis tiksee-raajii kan ta'e Musee dha; inni gar tokkeen Yahwee ture, gartokkee dhagnaa isaa, fuulli isaa Yahwee ture. Inni Dubbicha afaan isaa keessaa qaba ture.

Garuu yeroo tiksee guddaan sun iddoo Sheekinaa ture hubadhaa. Maal godhe? Guutummaa dhagna (countenance) isaa jijjiire. Inni gar tokkee qaama Waaqayyoo qofa osoo hin taane, guutummaatti Waaqayyoo ture! Inni Amaanu'eel ture.

Maaliif tiksoota ta'uu qaba ture?

85 Ilaalaa! Mee ilaalaa amma, Waaqayyo Inni hundumaa danda'u … tiksee-raajii isa ta'e Musee keessaan Ofii Isaa mul'ise. Waaqayyo akkamitti akka ofii isaa beeksise ilaalaa. Kun yaada koo isa dhumaati. Yommuu inni dibamee utubaa ibiddaa dura dhaabataa jiru argituu! Musee fi Yahwee malee namni gaara sana irra jiru tasumaa hin jiru. Ameen! Ameen jechuun, “akkasuma haa ta'u” jechuu dha.

Akeekkadhaa! “Harka kee bobaa kee jala kaa'i!” Garuu, amma milikkita lammaffaa kana sagalee wajjin ilaalaa. “Harka kee bobaa kee jala kaa'i!” Museen nama harkaa bitaa ture jennee amanuuf sababa hin qabnu, kanaafuu harka isaa isa mirgaa bobaa isaa jala kaa'uu qaba, sababiin isaas, namoonni baay'een harka mirgaa kan fayyadaman akka ta'e waan beeknuuf. Harka isaa mirgaa…. Amma ilaalaa! Asitti maal

fakkiin Yahwee Musee tiksee-raajii ta'e keessatti arginuu kun! Museen Waaqayyoon bakka bu'e, sababiin isaas Waaqayyo Musee keessa ture. Yommuu inni harka isaa, "bobaa isa jala kaa'u" ilaalaa. Maal mikkinni akkasii!

86 Amma, achi dhaabatee, harka isaa mirgaa, laphee isaa irra kaa'e, akkasitti dhaabatee, iddoo iccitii dhokataan furii uumamuu biyya lafaa irraa kaasee dhokatee ture dhaabatee ture. Sababiin tiksoota ta'uu kunooti. Yesuus harka mirgaa Waaqayyoo ti, kana hundi keenya ni beekna. Kunoo Museen sirriitti Isa fakkaachaa jira. Inni iccitii Waaqayyo Abbaa qabatee, isas nutti agarsiiseera. Hubadhaa, haraka isaa dhukkuba lamxii du'aatiin rukutame yommuu inni laphee isaa irraa fuudhu ilaalaa. Waaqayyo harka Isaa mirgaatiin maal akka godhu agarsiise. Hubadhaa, dhukkubni lamxii qoricha hin qabu. Hubadhaa ammas, dhukkuba lamxii qofaa osoo hin taane, sadarkaa isa dhumaa irra kan ga'e ture, adii akka jirbii hiddamaa ture; harki isaa waan suukanneessaadhaan rukutame. Museen yeroo harka isaa mirgaa bobaa isaa jalaa baase, harki isaa dhukkuba lamxiitiin rukutamuun baay'ee kan isatti dhaga''ame ta'uu qaba! Dhukkubni lamxii cubbuu kan agarsiisudha, keessumaa immoo sadarkaa isaa isa dhumaa irratti cubbuu kan agarsiisudha.

87 Obboloota koo, inni iddoo biyyi lafaa yeroo Waaqayyo harka Isaa mirgaa laphee Isaa irra fudhatu turte dha! Biyyi lafaa dhukkuba lamxii nama ajjeesuun rukutamte, qorichi isaas tasumaa hin argamne. Halkan kanas akkasuma, sababiin isaas qoricha hin argatan. Qorichi kun Qaraaniyoo irratti kan hojjetame yoo ta'u, namoonni garuu ajaja qorichaa Waaqayyo ajaje dhiisanii, bakka isaa ajaja namtolchee fudhachuu barbaadu.

Hubadhaa, dhukkubni lamxii akka dhukkuba kaanii suuta suutaan kan mul'achaa dhufu miti, battalumatti malee! Inni yommuu harka isaa qoma isaa irraa fuudhu, harki isaa lamxiidhaan rukutameera. Waan Waaqayyo jedhe hubadhaa, "Amma, suuta suutaan gara cubbuutti dhifta miti; Guyyaa isa irraa nyaattan, guyyuma sana duutu." Sun immoo sirriidha, "Guyyaa isa irraa nyaattan."

88 Hubadhaa, kan of rukute raajii tiksee ture. Innis abboommii Waaqayyootiin harka isaa fudhee laphee isaa irra kaa'ee, harka lamxiin rukutames laphee isaa irraa fuudhe. Rajii-tikseen kana ofii isaatii godhe. Tiksee-raajii guddaa Inni ta'e Yesuus, "Lubuu koo anatu dabarsee kenna, eenyulle isa ana irraa hin fudhatu" jedhee Ofuma Isaatii raawwate. Inni raajii-tiksee guddaa ture, "Namni isa ana irraa hin fudhatu, anumtu dabarsee isa kenna" jedhe. Hubadhaa suuta suutaan hin dhufne, inni daqiiqaa keessatti dhufa. Tikseen guddichi mataan isaa, balleessaa keenya fudhatee of dha'ee, cubbuu keenya fudhatee of irra kaa'e. Nama hin dinqu, walaleessaan iyyuu akkas jedhee barreesse:

Mid rendring dhagaa fi samii dukkanaa'aa jiru,

Fayyisaan koo mataa Isaan gadi qoomma'ee du'e;

Golgaan tarsa'ee mul'ise karaa

Gammachuu waqarraa kan hin qabne daangaa.

89 Iccitiin sun waggoota kana hundumaa laphee (bosom) Waaqayyoo keessa ture, harka Isaa mirgaa kan ta'e Yesuusiin haguugamee ture. Tiksee guddaan yakka keenya nuuf jedhee ofitti fudhate. Isayaas 53:5, "Inni garuu balleessaa keenyaaf in waraaname, sababii yakka keenyaafis reebamee in caccabsame; nuyi nagaa akka argannuuf inni in adabame, madaa'uu isaatiinis fayyinni nuuf in argame" jedha. Iccitiin fayyisuu Waaqayyoo laphee Yesuus keessa kaa'ame, ykn Waaqayyo, Inni mirga Waaqayyoo ture, kunis iccitii Inni hoolaa qoma Isaa irratti baachuuti. Kanaafidha sababiin fakkeenyi isaa yeroo hundaa kan hoolota ta'uu qabuuf! Inni jalqabaa hoolaa ture, inni dhumaas hoolaa ture. Kanaafidha sababiin inni gara tiksee dhufeef, tikseen akkamitti akka hoolota isaa kunuunsu waan beekuuf. Isiniif galeeraa? Hubadhaa, "Inni ballessaa keenyaaf in waraaname, sababii yakka keenyaafis reebamee in caccabsame; nuyi nagaa akka argannuuf inni in adabame."

90 Hubadhaa, inni dafee isatti dhufe; dafee isa gad dhiises, akkasuma harka mirgaa isaa yeroo lammataaf laphee isaa irraa akkuma kaaseen dafee dhukkubuchi dafee isa gadi dhiise. Yeroo lammaffaaf yeroo inni harka isaa kaasu laphee isaa irraa kaasu, dhukkubni nama galaafatu sun badeera. Yeroo tiksee guddichi, hoolaa-raajii inni ta'e, yeroonni dubbate…. Inni yeroo fannoo Qaraaniyoo irratti gatii adabbii cubbu keenyaa nuuf kaffale, "xumurameera" jedhe. Cubbuun xumurameera, gatiin yakka keenyaa kaffalameera, idaan nurraa ba'eera! Waggaa itti hin fudhanne, ykn dhuma bara haaromsaa biraa hin eegne, battaluma yeroo sanaatti xumuramee!

91 Cubbuun yeroo battalaa keessatti dhufe, seera Waaqayyoo cabsuudhaan, jecha tokko cabsuudhaan dhufe. Halkan kana obboloota koo lubbuun keessan afaan qilee irratti fuuncaadhaan rarraafamtee jirti. Akkasumas immoo fuuncaan sun barsiisaa seeminaara ti'ooloojii tokko tokkoo miti, fuuncaa waldaa tokko tokkoo ykn fuuncaa amantii tokko tokkoo kan isin ittiin jiraachaa jirtanii miti, fuuncaan sun Sagalee Waaqayyoo ti! Sanyiin dhala namaa akka ittiin jiraataniif,Yesuus Dubbii Isaa isaaniif kenne, Hewaan immoo walitti hidhamiinsa (link) xinnoo tokko qafa Isa keessaa cabsite. Akkasumas fuuncaan … kamiyyuu

iddoo walitti hidhamiinsi isaa laafetti cimina hin qabaatu. Jecha tokkittii yommuu isa keessaa baaftanitti…. Sun kutaa kitaabichaa isa jalqbaa ture.

Yesuus walakkeessa kitaabichaatti dhufee, "Namni nyaata duwwaadhaan hin jiraatu, dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan malee" jedhe. Inni kun walakkeessaa kitaabichaatti ture.

Dhumni kitaabichaa immoo akkas jedha, "Namni dubbii macaafa kana keessatti raajii dubbatame irraa yoo waa hir'ise (jecha tokko gar malee yoo hiike) immoo, Waaqayyo qooda isaa macaafa jireenyaa keessaa hir'isuuf jira" jedhe. Sagalee Waaqayyootti rarratanii afaan qilee gubbaa darbaa jirtu. Waan Waaqayyo biraa hin dubbatamne tokko akka namni afaan keessanitti cuunfuuf hin heyyaminaafii!

92 Oo, nan arga…. Bayeessa, isaan, "Dhugaadha, waan hundumaa gooneerra, waan hundumaa raawwanneera!" jedhu. Sun tarii waan angafni lubootaa fi jarri kaan bara tiksee guddichaatti yaadaanii dha. Sun waan Hewaan yaaddedha. Sun waan Seexanni isheetti himedha, inni "Dhuguma, Waaqayyo hin godhu" isheedhaan jedhe. Garuu Inni in godhe, sababiin isaas Inni nan godha jedheera waan ta'eef. Kanaafi egaa sababii Inni har'as irra deebi'ee hojjetuuf.

Isin hin dinqin, "Akkuma bara Nohitti lubbuun saddeet bishaanichaan fayya, bara dhufaatii ilma namaattis akkasuma in ta'a" jedheera'o. Ilaalaa, baay'ee muraasa, "Karaan gara jireenyaatti geessu rakkoo dha, karri isaas dhiphaa dha, namoonni isa argatan muraasa." Sirrii dha. "Karaan gara badiisaatti geessu boochoo dha, karri isaas bal'aadha; namoonni ittiin ol galan immoo baay'ee dha."

93 Tiksee guddichi yeroo rukutame, hoolaa-raajii guddichi achi duuba sanatti yeroo rukutame, "Xumurameera!" jedhe. Daqiiqaa sanattis, battaluma tikseen rukutameen xumurame. Cubbuun gadi teessifame, sana booda cubbuun hin turre. Isaan qulqulluu (clean) turan, adabbiin kaffalameera. Amantoota maqaan isaanii macaafa jireenyaa keessatti caafame, warri uumamuu biyya lafaa irraa kaasanii murtaa'an, battaluma Yesuus xumurameera jedhe, xumurame. Inni, tiksee guddichi, hoolota Isaa jedhee dhufe. Xumurameera, harki mirgaa Waaqayyoo laphee isaa irraa kaafame, innis in dha'ame. Ergasii guyyaa faasikaatti harkicha deebisee kaa'e, ameen, ammas harkicha laphee irra kaa'e, bifa Sagalee isaatiin iddoo dhaabaa jalqabaa, iddoo cubbuun keessaa anaa fi isin baasetti nu deebisuuf harka isaa nutti diriirse. Dhoksaan garaa isaa inni guddaan karaa raajii-tiksee ifatti baafamee mul'ifame, karaa raajii-tiksee.

94 Gruyyaa sana gaarreen utaalanii iyyuun isaanii nama hin dinqisiisu. Aduun fuula ishe dhoksitee gammachuudhaan iyyuun ishee nama hin dinqisiisu. Uumamni hunduu hiikamuun isaanii nama hin dinqisiisu; qilleensi mukeen raasee hamma gammachuun of wallaalanitti utaalanitti isaan raase. Isaan tiksee raajichaa, gaara irratti, maqaa warra kitaaba jireenyaa irratti furamanii hundumaa argan. Uumamni isaanis akka furame argan! Isaanis in iyyan, in utaalanis. Biyyi lafaas kirkira lafaa keessa galte. Gaaronnis ni kukkufan, kattawwanis ni daddayya'an. Aduunis in dukkaneefte. Wanti hundis in raawwatame. Akkuma wal ga'ii kamiyyuu, yeroo Tikseen, "inni xumurameeraa!" sitti in agarsiisu. Achitti….

95 Ani yeroo gammachuudhaan namoonni utaalan argeera, garuu namni miidhame hin jiru. Gaarreen ni jijjigan, isaanis … aduun in lixxe, wanti hundinuus in ta'e, garuu namni miidhame hin jiru. Akkasumas walga'iiwwan humna Waaqayyootiin "biyya lafaa fi wantoota biyya lafaa irraa hiikamuun namootaa" itti mul'ate, gammachuun Gooftaas waldaa guute ani argeera. Isaanis dhaabbatanii iyyan, boo'anii, ulfina Waaqayyoof jecha hanga sagaleen isaanii danda'utti iyyan. Ani waan toora hin qabne argee hin beeku, isaan yeroo hundumaa toora sirrii irra turan; sababiin isaas, isaan warra maqaan isaanii uumamuu biyya lafaa dura macaafa jireenyaa hoolichaa irratti barreeffame ta'uu isaa hubatan waan ta'eef. Tiksee raajii guddaan ergaa isaaniif fidee ture, isaanis raajii-tikseetiin hiikamaniiru. Geggeessitoonni mana qulqulluummaa waan fedhan yoo jedhanis, isaan kun waan ta'e hundumaa in beeku turan. Akkuma tiksoota duraanii sanaa, isaan kunis waan ta'e ni beeku turan.

96 Namni tokko illee hanga waan Museen godhe hin godhinitti, hanga lafa namni ti'ooloojii tokko isa ibsuu hin dandeenyetti Waaqayyoo wajjin ofii isaatii wal hin arginitti, nanmi tokko illee iddoo qulqulla'aa ol seenee Sagalicha lallabuuf mirga hin qabu. Museen achi ture! Ergamtoonni Israa'el, "Oo, kun waanuma hin taane dha, ati kana argeera jettee yaaddaa; kun waanuma hin taanedha," haa jedhaniyyuu malee sana irraa fudhachuu hin dandeenye, inni isa beeke! Inni achi ture! Inn nama gochitti irratti raawwate ture! Akkasumas namni kamiyyuu digirii ti'ooloojii ykn digirii tokkoon mirga waltajjiitti ol ba'ee ergaa Yesuus Kiristoos himuu hin qabu, hanga jalqaba Waaqayyoo wajjin fuulaa fuulatti utubaa ibiddaa keessatti wal hin arginetti. Inni ergamaa ofiin jechuuf mirga hin qabu, sababiin isaas hayyoonni ti'ooloojii addunyaa kanarra jiran hundi isin irraa achi fagaatanii sana ibsuu hin dandeenye. Inni si irratti raawwatame! Ati waan achi turteef, waa'ee isaa beekta. Namni biraa maal akka jedhu, ykn hammam akka jechuu danda'u dhimma kee miti, "guyyoonni darbaniiru, akkas miti," siin jedhu, gochichi si irratti raawware, kan raawwates akkataadhuma Sagalichaatti.

97 Eeyyee, sababiin Museen sagaleen (voice) isatti dubbate sagalee Sagalichaa akka ta'e bareef. Waaqayyo Abrahaamiin, "Sanyiin kee waggaa dhibba afuriif galaa in ta'a, Ani garuu achi isa nan baasa" jedhe. Waggaoonni dhibbi afuran sun akka dhumee fi achii isaan baasuuf akka waamame in beeka ture.

Dhiirotaa fi hawwoota nana, Waaqayyo guyyyoota dhumaa kana keessatti Hafuura Isaa foon qabeessa hundumaa irratti akka dhangalaasu kakuu galeera. Cuuphaa hafuura qulqulluu akka ergu, akkasumas misirroo xurii fi dirmammuu hin qabne akka waamu waadaa galee ture. Inni kana akka raawwatu waadaa gale, Inni ni raawwatas. Tiksoota qacaraman kana hin dhaggeeffatinaa, isaan karaa irraa isin kaachisu. Hafuurri Qulqulluun tiksee nyaata hoolaa Isa ta'e Sagalee Waaqayyoo kana irraa isin nyaachisudha. Inni yeroo hundumaa karaa tiksee dhufa. Inni tiksee keenya. Gara Isaa dhaggeeffadhaa, isin hoolota karra Isaa keessati; yoo kan Isaa taatan sagalee Isaa in dhageessu. Waan namni biraa jedhu osoo hin taane waan Inni jedhu in dhageessu. Sagalee ormaa garuu, waa'ee isaa homaa quba hin qabaattan.

98 Oo, yaa anaa, tiksee-raajii jabaan ammas yommuu isaaniif hiikuu fi isaanitti beeksisuu dhaggeeffadhaa. Yohaannis, yommuu laga Yordaanos keessa dhaabatee ture, maal akka jedhe ilaalaa. Achi dhaabatee yommuu lallaabaa ture, "Yeroon ga'aa jiraa…." jedhe.

Hubadhaa, Yohaannis ilma luba tokkoo ture. Isaan yeroo hundumaa toora abbaa isaanii hordofaa turan, akkaataan nuyi maqaa keenya itti argannes akkasuma. Waan hojjetan hunduman waamamu turan.Yohaannis akkuma abbaa isaa luba ta'uutu irra ture.

Akkasumas, akkuma beektan, haati isaa kun yeroo ulfoofte, ergamaan Gooftaa Zakaariyaasiin erga wal argee booda, gara mana Elsaabeex deeme, isheen haadha ta'uuf reefuu ji'a ja'a keessa … turte. Garuu amma illee ulfi sun lubbuu qabu ture, sababiin isaas daa'imni sun hin socho'u ture. Sun immoo waan hin amaleeffamne ture.

99 Hafuurri Qulqulluun, ergamaan Gooftaa immoo Maariyaamitti mul'atee, "namni tokko illee utuu hin beekin daa'ima akka godhattu" itti himee, waa'ee haala Elsaabeex keessa jirtuu isheetti hime.

Isheen Elsaabeexitti himuudhaaf gara gaara Yihudaatti ol baate. Elsaabexiin yommuu wal argite immoo haadha ta'uuf akka deemtu itti himte. Isheenis dhiira tokkollee bira geessee waan hin beekneef hubachuu hin dandeenye. Garuu isheen, "Hafuurri Qulqulluun na golgee, wanti qulqulluun ana irraa dhalatu kun, 'Ilma Waaqayyoo' jedhamee akka waamamu, ani immoo maqaa isaa 'Yesuus' jedhee akkan moggaasu anatti dubbate" jette. Yommuu yeroo jalqabaatiif afaanni namaa maqaa Yesuus dha'ettis, daa'imin xiqqaan gadameessa haadha isaa keessatti du'ee ture, gammachuudhaan ka'ee garaa haadha isaa keessa burraaqe; inni hanga yeroo sanaatti jireenya kan hin arganne ture.

Maqaan Yesuus Kiristoos dubbatame daa'ima du'etti lubbuu hore. Waldaa ishee an waldaa lammata dhalattedha jettu keessatti silaa maaltu ta'uun irra ture?

100 Utuma inni akka eebichaa hadhaa'uu, wanti akkasii akka itti fufu goone. Sodaa tokko malee amantii kee kaasii fi dhugaa ba'i, waan hin taane kana hundumaa balaaleffachuudhaan, Yesuus Kiristoos kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana taasisi. Yeroon yeroo Ayaana Dhaloota Kiristosiiti, 'Santa Clause' fi waan akkasii kana of irraa baasaa gataa, daladala waan hin taanee akkasii irraa fagaadhaa. Macaafa Qulqulluu keessaa waa'ee Saantaa Kilaawusii eessatti dhageessan? Inni sheekkoo warra Roomaati, tasumaa kanaa wajjin wal hin qabatu, wanti akkasii hin jiru. Ijoollee keessan waan hin taane akkasii hin barsiisinaa. Gaaf tokko hunduu seenaa jaamaa akka ture itti himuuf waan jirtaniif, guyyaa sanatti mucaa keessan akka sobdanii turtan baruuf jirtu. Akkasumas dhuga ba'umsa keessan waa'ee Yesuus Kristoos in miidha, inni, "Tarii isa duraa wajjin waanuma tokko" jedha. Yesuus Kiristoos tiksee-raajii guddicha gara ayyaana Qillee maluufitti deebisaa.

101 Hubadhaa, mee raajii Yohaannis kana, akkuma inni achi dhaabatee jirutti dhaggeeffadhaa. Inni tiksee-raajii guddaa akka ture hundumti keenya in beekna.Amma, inni ergaa tokko qaba ture, ergamichi Yesuusii wajjin wal isaan barsiisuuf akka deemu in beeka ture.

Amma, inni gara Seeminarii wayii deemuu hin dandeenye. Isaan, 'Amma, Dr, abaluu abaluu nama bakkicha qabachuuf jeedhu akka ta'e in beekta. Ati isa beeksisuudhaa jirta. Akkasumas akkuma ati beektu…." Jechuufaa danda'u ta'a. Argitanii, inni namaa wajjin walitti malkamuu hin dandeenye.

Umurii waggaa sagaliitti, Waaqayyo duratti qophaa'uuf gara lafa onaatti akka deeme nutti himameera. Tiksitoonni sun achi irraati kan dhufan. Hubadhaa ergaan isaa akka kan hayyuu ti'ooloojii, akka jechoota jajjaboo, jechoota gurguddoo dhidhiita'oo sadarkaa sadarkaan isaan itti fayyadamnii hin turre. Innis, "Isin yaa dhaloota mar'ataa nana!" isaaniin jedhe. Namoota amantii qabaniin, "Isin yaa tuuta bofaa" ittiin jedhe. Wanti inni lafa onaa keessatti arge kana ture, inni lafa onaa keessatti bofa arge. Wanti tuffatamaan inni lafa onaa keessatti arguu danda'e bofa ture, luboota sanaan, abbootii amantii fi namoota ti'ooloojii bara sanaanis, "Tuuta mar'ataa!" jedhee isaan waame. "Dheekkamsa dhufuuf jiru jalaa akka baataniif eenyutu isin yaadachiise? 'Nuyi kan isa kanaati, nuyi kan isa sanaati' jechuu hin jalqabinaa. Waaqayyo dhagoota kanattii Abrahaamiif ijoollee kaasuu akka danda'u isinittan hima" isaaniin jedhe. Dhagaan, waan inni lafa onaa keessatti aragedha. "Akkasumas, amma iyyuu qottoon hidda muka hundumaa irra kaa'amee jira" jedhe. Wanti inni argaa ture isaan kana: bofa, mukkeenii fi lafa onaati. Ergaan isaa kana ture. Inni jechoota dhidhiita'oo gurguddoonni doktoora waaqaummaa (divinity) itti

fayyadamanii ibsa kennan hin beeku ture, inni kallattiidhaan sarara uumamaa qofa irra bu'ee lallabe.

102 Wanti nuyi asitti agarsiisaa jirru kana: ulee tiksee, tiksicha, hoolicha, akkasumas toora uumamaa ti.

Inni maal godhe? Inni waan guddaa hojjetu tokko qaba ture. Namni Masiihicha beeku tokkichi isa ture. Inni, "Isinittan hima, 'Inni amma iyyuu isin gidduu dhaabatee jira. Isin immoo Isa hin beektan, ti'ooloojiin keessan akka malee waan isin hidhee jiruuf, eessa akka jirtan iyyuu hin beektan''' isaaniin jedhe.

Guyyaa tokko utuu Yesuus gara isaa dhufaa jiruu argee, "Ilaa hoolicha Waaqayyoo, isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu" jedhe. Hoolicha! Haaleluyaa! Hoolaa araaraa isa dhugaa! Wanti hoolonni hundinuu iddoo dhaabaa Eden irraa jalqabee itti fakkeeffamaa ture, namni idileen (ordinary man) isa keessa gadi bu'ee akka dhufudha.

103 Isaan immoo, "Yahaannis, ati kana attamitti beekta? Nuyi waan addaa tokko iyyuu argaa hin jirru'o" jedhan.

"Ani garuu dhugaa Isaaf nan ba'a, Hafuurri Qululluun akka gugeetti waaqa irraa Isa irra bu'ee hafuu Isaa argeera, saglee, 'Kun Ilma Koo Isa An [keessa buufachuu] jaalladhu, gammachuun koos isatti in raawwatama' jedhus dhaga'eera" jedhe.

Gugee fi hoolaa ilaalaa. Argitanii? Eeyyee. Utuu waan tokko … ta'ee hoo, utuu waan akka…. Utuu yeyyiitu achi dhaabatee ture ta'ee hoo? Tole, silaa hoolaan sun achi deemuu hin danda'u ture … ykn gugee sana…. Waaqayyo gugeetti Of fakkeesse, simborroota waaqa irra balali'an hundumaa caalaa garraamiin gugeedha; Ilma Isaa immoo beelladoota lafa irra jiran hundumaa caalaa garraamii kan ta'e hoolaatti fakkeesse. Ilaalaa, simboroota waaqarraa keessaa qulqulluun arraagessa miti, gobocoroos miti, gugeedha malee. Booyyee miti, hoolaadha malee. Uumamni biraa kam iyyuu walitti makamuun irra hin jiraatu.

Akkasumas hubadhaa, gugeen yeroo hoolaa irra qubatetti, karaa Isatti argarsiise. Gara karaa Inni barbaaduutti osoo hin taane gara karaa Abbaan Isaa barbaaduutti Isa geggeesse. Har'as hoolaa dhugaan akkasuma in ta'a. Yaa hoolaa ayyaana Dhaloota Kiristoos, Waaqayyo Sagalee Isaa duwwaadhaan akka geeggeessu hin beektuu? Innis ulee Isaa ti.

104 Hubadhaa wanti tokko illee hin taane ture, Yohaannis garuu, "Hundi isaanii iyyuu isa hin argine, ani garuu dhugaa nan ba'a, 'Ani isa argeera'" jedhe. Isaan beeksiisuudhaafis, "Ilaa hoolicha Waaqayyoo Isa cubbuu biyya lafaa irraa fuudhu" jedhe.

Anis gara xumauraatti dhufaa waanan jiruuf, mee ergaa koo kan Ayyaana Qillee isinitti haa beeksisu: "Yesuus Kristoos kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana." Inni hoolicha isuma sanadha. Inni akkuma yeroo sana Hoolicha ture har'as Hoolichuma. Dubbiin Isaa tokkichuma waan ta'eef, Inni akkuma yeroo sana achi turetti har'as as jira. "Iddoo namoonni lama ykn sadii Maqaa Kootiin walitti qabamanitti, An achi isaan gidduun jira." Kana dhugaadhumatti Isatu jedhe. Inni gonkumaa hin jijjiiramu; amma iyyuu hoolota isaa kennuudhaan, tiksee-raajii isaatiinis nyaata hoolota isaa dursee isaan nyaachisaa jira. Warra ti'ooloojiitiif miti, hoolota isaatiif malee.

105 Isaan hin…. Warri kaan akkamitti isa nyaachuu danda'u. Namni ogeessi garuu…. Kana hubadhaa! Garuu beekaa fi hayyuun, leenjii gaarii addunyaa kanaa namni qabu, 'Santa Claus' jira jechuu hawwa. Akkasumas asoosamaa fi wanta hin taane hundumaa kan waaqeffatan jiru, sababiin isaan Isa, Dubbicha hin fudhatan; sababiin isaas dhaabbata amantii isaanii keessatti, mi'aa dhandhama isaanii wajjin wal hin simne, isaan tiksotoots qacaramtoota bara kanaati. Isaan qacaramtoota 'creed' bara kanaati, warra re'ee tokko jalatti isin tokkoomsuu barbaadan waan ta'aniif isaan hin amaninaa! Isaan gara mana qalmaatti isin geessu.Tiksee waggaa dhibba kudha sagal dura ji'a kana keessa dhalate dhaga'aa, inni yeroo tokko achii ba'ee ergaa isaa keessatti tiksitoota dhugaan akkaataa iitti hoolota kunuunsan beekan bira dhufe.

Hubadhaa, isaan amma illee isa ni hawwu. Isaan akkamuma yeroo sanaa Har'a isa hin fudhatan, sababiin isaas mi'aa mana amantii isaanii wajjin waan wal hin simneef. Dubbii sana garagalchanii jaarmiyaa isaaniif akka tolutti godhu, sagalee sanas hin lallaban. Hin raawwatan! Isaan,"Egaa, sun bara ergamootaa ture. Kana jechuu miti" jedhu. Hiikni isaa waanuma inni jedhu qofa, eenyu illee isaaniif hiikuu hin barbaachisu.

106 Amma sa'aatii kanatti mataa fi garaa keenya gara biyyoo lafaatti gad qabannee, gara dallaa horiitti ariifannee deemnee , ifa Sagalichaa tikseen sun fidu haa arginu haa fudhanus: ergaa raajii tiksee guddaa, kan Yesuus Kiristos kan Ilma Waaqayyoo. Dheeressee isinitti dubbadheera. Tarii akka abbaa amantiitti jecha koo toora galchee sirreessuu dhiisuun danda'a, ani akkas gochuuf hin yaalu. An Akkuma Inni naaf kennutti dubbachuuf nan yaala.

Garuu maaliif tiksoota ta'uu akka qabu argitanii? Warri kaan hanga isa kana fudhachuun isaaniif hin danada'amnetti yaada biraatiin akka malee leenji'aniiru. Har'a immoo gosa olaanoo hunda, to'attoota

olaanoo, kan naannolee, phaaphasota, luboota, kaardinaalota, angafa lubootaa, waan addunyaa kanarra jiru hunda qabna, isaan akka nu geeggeessaniifis carraaqaa jirra. Waaqayyo garuu tiksee nuuf kenna, tikseen sun immoo Hafuura Qulqulluudha.

107 Amman na dhagggeeffadhaa. "Yeroo Inni …" (yaada miti, 'Inni' maqdhaala dhuunfaa ti) "Inni, Hafuurri Qulqulluun yommuu dhufu (Hafuurri dhugaa), Inni wanta Ani isiniin jedhe kana isinitti in mul'isa, wantoota dhufuuf jiranis isinitti mul'isuuf jira." Tiksee guddaan Isa, tikseen Yesuus nuuf dhiisee deeme isadha. Macaafa Qulqulluu kan barreesse Hafuura Qulqulluudha, Macaafa Qulqulluutu kana jedhe, "Namoonni durii kaka'umsa Hafuura Qulqulluutiin Sagalicha barreessan." Amma, Hafuurri Qulqulluun gara amantii tokkootti (creed) isin harkisuu danda'aa? Gara waan Sagaleen kun hin dubbannetti isin harkisuu damda'aa? Maaliif, sun guutummaatti waan danda'amu miti. Hafuurri Qulqulluun "Kana gochuu qabdu" jedhee ka'ee, achi gara galee immoo, "Lakki, dogoggora ture, ammoo wanta waldaan raawwadhaa isiniin jettu raawwadhaa" yoo isiniin jedhe sobduu ta'a.

Amma, waan … nama biraa kan tiksee dhugaa, dhugaa gara Sagalichaatti si geessu irraa, gara Hafuura Qulqulluutti si geessu irraa si harkisu dhaggeeeffachaa turte yoo ta'e, akkasumas muuxannoo hin qabdu yoo ta'e, muuxannoo dhuga ba'umsa Hafuurri Qulqulluun jireenya kee keessa jiraachuu hin qabdu yoo ta'e….

108 Waaqayyo tokko. Jireenya bara baraa kan qabu Waaqayyo qofaadha, Inni jireenya bara baraa ti. Wanti jalqaba qabu kam iyyuu xumura qaba. Isin callistanii miseensuma waldaa taatan yoo ta'e, waldaan jalqaba qaba. Sagaleen Waaqayyoo garuu jalqaba hin qabu. Waaqayyo jalqaba hin qabu….Waaqayyo irraa yommuu dhalattu immoo Sagalee irraa dhalatta, sana booda ilama Waaqayyoo taata, Maqaan kees uumamauu biyya lafaa dura kan Macaafa Hoolichaa irratti caafame ta'a. Atis, halluun rifeensaa ati qabdu, halluun ija ati qabdu, boca namummaa ati qabdu hundumaa Waaqayyo uumamamuu biyya lafaa dura si arge. Innis akkuma amma jirtu kanatti, dhala namaa taatee utuu jirtuu si arge. Waggoota miliyoonota yoo itti fudhate iyyuu, gara fakkaattii guutuu Waaqayyo jalqaba irratti, "Hoolonni koo Sagalee koo in dhaga'u, isaan orma duuukaa hin bu'an" jedhee siif muude sanaatti akka hin dhufneef wanti si dhorku hin jiru.

109 Akkasumas jireenya bara baraa sana halakan kana hin fudhanne yoo taatan, gara seenaa asoosamaa daa'ima xiqqoo mana horiin keessaa nyaattu keessa ciisuu, akkkasumas gara tuuta ogeeyyii naannoo keessan jiruu ilaalaa jirtu yoo ta'e, wantoota akkasii hin amaninaa. Akkasuma, "Ba'eessa, ani gaarii nan ta'a. Kanas nan godha. Ani immoo waldaatti nan makama. Kana qofaa gochuutu anarraa eegama"jettanii yaaduuf yaaltu. Isin baddaniittu. Jireenya bara baraa yoo hin argatin attamitti bara baraan jiraachuu dandeessu?

Ija midhaan boqoolloo tokkoo fudhachuu dandeessu, hamma kaa mudaa hin qabne yoo fakkaates sun ana hin dhibu, nama.... Saayinsiinis kan biraa tokko omiishee jira, isas addaan cabsitanii ilaaluu dandeessu: inni jiidhina, qabiyyee midhaanummaa, wantoota midhaan dirree keessatti biqilan qaban hundumaa akkuma isa kaaniitti qaba. Laaboraatoorii keessa keessanii ilaaluu dandesssu, isa tokko isa kaan irraa adda baasuu hin dandeessan: inni tokko akkuma isa kaanii daabboo boqoolloo gaarii ni ta'a, inni tokko immoo gosa nyaata boqqolloo 'corn flakes' jedhamuu ni ta'a. Garuu karaan isin ittiin adda baastanii himuu dandeessan, isaan awwaaluudhaani. Inni namtolcheen achumatti hafa, ni tortora, gonkumaas hin biqilu. Garuu inni Waaqayyo uume miciree jiraatu qaba, deebi'ees ni biqila.

110 Kiristaana fakkeessaa uumuu dandeessu ta'a, tarii akka kiristaanaatti waldaa dhaquu dandeessu ta'a, tarii maqaa keessan akka kiristaaniitti macaafa irratti galmeessifachuu dandeessu ta'a, tarii akka kiristaanaa damee amatii tokkootti dabalamuu dandeessu ta'a; sun gaarii ta'a, garuu jireenyi bara baraa inni tikseen gaarii sun lubbuu isaa kenneef yoo isin keessa jiraate malee…. Waaqayyo guyyaa Ayyaana Pheenxeqoosxeetti yommuu gadi bu'e, akkuma tulluu Siinaa irratti godhee turetti, akkuma tiksee jalqabaa Musee irratti godhetti, kubbaa ibiddaatiin gadi bu'e. Inni yommuu gadi bu'ettis, arraba ibiddaa tokkoon tokoon isaanii irratti boba'een adda of babaase (separareted Himself), Waaqayyo saba Isaatti adda of baase. Isa Pheexiroos, "Isiniif, ijoollee keessaniif, warra fagoo jiraniifis" jedhe yoo argattan malee….

111 Yaa firaa, sheekkoo tiyooloojii kamiyyuu hin dhaggeeffatinaa, lammaffaa dhaladhaa. Yeroo akkas tataan Hafuurri isini keessa jiru qaama Waaqayyoo ti, innis Sagaleen Waaqayyoo hundinuu "Dhugaa" akka ta'e dhugaa in ba'a. Muuxannoo akkasii hin argatin jirtu yoo ta'e, amma gara dallaa horiitti, gar Sagalichaatti haa ariifannu. Mee gara Macaafa Qulqulluutti haa ariifannu, waldoota jechoota ti'ooloojiitiin faayaman kana irraa fagaannee, gara mana nyaataa dhugaatti, gara Sagalee Waaqayyoo bakka Masihiichi itti beekamuutti haa adeemnu.

Mataa keenya gadi qabannee haa kadhannu:

112 Yaa Waaqayyo jaallatama, yeroo kanatti wanti ani jechuu beeku kanuma duwwaadha. Ayyaana Dhalachuu Gooftaatti dhi'aachaa jirra, daandii dhiiraa fi dubaraan, ijoollee dhiiraa fi ijoollee durbaatiin guutamee jira, daandiin hunduu warra kennaa waliif bitaniin dhiphatee jira. Namoonni kiristaana ofiin jedhan hedduun karaa irratti ba'anii kennaa ayyaan Qilleetiif sigaaraa fi dhugaatii alkoolii waliif bitaa jiru. Yaa Waaqayyo isaan kana waan deebisanii fuula keetti darbatan fakkaata, isaan ijoollee isaanii asoosama

warra Roomaa, ti'ooloojii waaqa tolfamaa kan qulqulluu Nikoolaas, sheekkoo wayii kan akkuma salphaatti biyya lafaa biratti fudhatama argatu barsiisaa, dhugaa Ayyaana Qillee isa kan Kristos, Hoolicha isa dhugaa garuu ijoollee isaanii jalaa dhoksaa jiru.

Yaa Waaqayyo, galagala kana sin kadhadha, innis akkuma mataa keenya gara biyyoo irraa dhufneetti gadi qabannee jirrutti…. Guyyaa tokko Abrahaam isa raajii-tiksee guddaa ta'een, "Yaa Abrahaam gadi ba'i, cirracha galaanaa lakkaa'i" ittii jette.

Innis, "Lakkaa'amuu hin danda'an. Ani isaan lakkaa'uu hin danda'u" jedhee deebise.

Ergasii immoo Ati, "Gara batii waaqaa ol ilaali, urjootas lakkaa'i" isaan jette. Innis lakkaa'uun akka hin danda'amne in beeke. Atis, "Sanyiin kee akkasuma in baay'atu" isaan jette. Nuyis ergaa raajii-tiksee sanaa argachuuf cirracha lafaa irraa gara urjoota waaqarraa ilaalaa jirra, duuti foonii dhagna keenya isa du'u kana gara biyyootti yoo deebise iyyuu, jireenyi gara urjoota waaqarraatti nu kaasu jira.

113 Ati raajii Kee isa guddaa Daani'eeliin, "Warri Waaqayyo isaanii beekan, guyyoota gara dhumaatti ittuma jabaatanii, wanta ta'u in hojjetu. Warri namoota baay'ee gara qajeelinaatti deebisan akka urjootaa, yeroo hundumaaf bara baraan calaqqisuuf jiru" ittiin jette.

Yaa Waaqayyo Gooftaa, Uumaa guddaa, Waaqayyo maal akka ta'e namni akka beeku gochuuf, bifa Yesuusiin gara biyyaa lafaa dhufte. Akkasumas adabbii du'aa kan fudhachuu kan danda'u Si qofa ture, ergamaan tokko illee, bakka bu'aan tokko illee kana gochuu hin dandeenye. Adabbii du'aa kan kaa'e Si, kan karaa haqa qabeessa ta'een adabbicha kaases Si'i. Hafuura waan taateefis du'uu hin dandeenye ture. Garuu akka du'uu dandeessuuf immoo foon uffatte; akkasumas cubbuu warra kan keetii warra furamanii irraa balleessuuf, dhiiga keetiin isaan furuuf hoolaa aarsaa taate.

Oo, seenichi baay'ee guddaadha yaa Gooftaa, inni mataa nama baay'ee irra kan darbudha. Akkas jennee yaaduuf: "Yahwee xinnaan, mana nyaata horiin keessaa nyaattu keessa ciisee, akka daa'imaatti jiraachuu qaba ture. Yahwee xinnaan mana horii keessatti dhalate. Yahwee xinnaan ijjoollee wajjin daandii irra taphata. Yahwee xinnaan umurii dargaggummaa seene. Yahwee xinnaa mucaa mana barumsaa. Akkasumas Yahwee isa danda'aa." Ati iddoo kana hundumaa buute. "Achiis, Yahwee, hoolicha. Yahwee, raajicha" taate. Ati immoo addabbii cubbuu fudhattee jireenya bara baraa nuuf kennuuf kana hundumaa taate.

114 Yaa Waaqayyo, nuti hiyyeeyyii, uumamtoota biyya lafaa kanaa keessaa warra hin maaleedha, yakka keenya nuuf dhiisi. Yaa Gooftaa, halkan kana waan ati nuuf goote yomummuu dubbifannu, nuyi immoo bakka isaa waan gochuun nurra turee wajjin yommuu wal bira qabnee ilaallu waan xiqqoo hojeechuu keenyaan, salphanneerra. Ati bara abbootii amantii gurguddaa attamii dhufta! Akkam dhaabattee Sagalee Abbaa calaqqisiisuuf fedhii qabda turte! Ti'oorii isaanii irratti attam araarama isaan dhowwatte! Har'a immoo namni addatti ba'ee Sagalichi amma iyyuu Sagalicha jedhee araarama tokko malee dubbatu waan hin jirre fakkaata. Yaa Waaqayyo Si kadhanna, wantoota fudhachuu didnee irra darbine kanaaf dhiifama akka nuuf gootuuf si kadhanna. Halkan kanas, qalbii keenya keessatti, akkuma nuti akka nuaata horii siif kenninu nuuf kenni. Akkasumas yeroo Kiristoos inni fannifame fudhatamu hundumaatti, haaraa dhalachuun akka jiru, hoolaan reefuu dhalate akka jiru, waaqa irratti ergamoonni Waaqayyoo faarfachuun akka jiru ni beekna. Iddoo cubbamaan tokko itti yaada garaa isaa geeddaratutti, olii ergamoonni ammas deebi'anii in faarfatu.

Waaqayyo, halkan kana asitti akka kennaa Waaqayyoo isa dhugaatti, akka fayyisaa dhuunfaatti, yaada sammuu qofaan osoo hin taane, haaraa dhalachuutiin, Hafuura Kee irraa dhalachuutiin kan Si hin beekne yoo jiraatan, yaa Gooftaa, akkuma mataa keenya gadi qabannee jirrutti, amma isa haa fudhattan. Akksumas yaa Gooftaa, namni kana hin goone yoo jiraate, garaan isaa amma gammachuu haa argatu, akka tiksoota durii sana, mana horii laphee isaa keessatti, Sagalicha, Masiihicha haa argatu; inni akka Hafuura Qulqulluutti isaaniif haa mul'atu. Kanas maqaa Yesuusiin Si kadhanna.

115 Akkuma mataa keenya gadi qabannee jirru, garaa (onnee) keenyas gadi qabannee jirra jedheen amana, ati miseensa waldaa taatus obboleessa koo jaallatama,,,, Ani immoo waanan jedhee dubbachaa turee akkan si hin miidhin abdiin qaba. Miseensa waldaa tokkoo ta'uun sirriidha, akas gochuu qabna, garuu yaa obboleessaa sana qofaa hin fudhatin, ati lammaffaa dhalachuu qabda. Inni raajii-tikseen guddichi, "Ati lammata dhalachuu qabda" jedhe isa kana. Kanas immii hayyuu amantii (theologian) tokkoon, "Ati lammata dhalachuu qabda" jedhe.

Sababuma amanteef lammata dhalatteetta jechuu miti. Isaan, "Ati yommuudhuma amante lammata dhalatte" siin jedhu.

Macaafni Qulqulluun garuu, "Seexannis ni amana" jedha. Amma, hubadhu, isa sana miti, muuxannoodha malee.

Ati, "Ba'eessa, ani jireenya gaarii jiraadheera" in jetta.

Ergamoonnis (apostles) akkasuma godhan, garuu isaan hanga Hafuura Qulqulluu argatanitti lammata hin dhalanne. Hanga Hafuura Qulqulluu argatanittillee hin jijjiiramne. Halkan gaafa ganamee dura … ykn guyyaa ganamuu sana irratti, guyyaa ganamuu sun osoo hin raawwatin dura ni yaadattuu? Yesuus Simoon Pheexiroosiin, "Ati yeroo gara kootti deebititti [jijjiiramtutti] obboloota kee jajjabeessi" jedheen. Pheexiroos immoo waggaa sadii fi walakkaaf Isa duukaa bu'ee, seexana baasee, dhukkubsattoota fayyisee, wangeela lallabee ture, akka Sagalichaatti garuu amma iyyuu hin jijjiiramne (converted).

116 Amma, halkan kana garaa kee keessatti ergamaa akkasii ni barbaaddaa? Yoo dhuguma sana barbaadde…. Waan namni biraa jedhu garaagarummaa hin qabu, dhugaadha obboleessaa obboleettii. Sun dhugaa ta'uu isaa nana beeka. Ati, osoo namni hundi mataa gadi qabatee ijas dunuunfatee jiruu, anaaf osoo hin taane, ani nama qofa, obboleessa kee, garuu harka kee Kiristoosiif ol kaasii, "Ani akkasitti nan amana. Ani immoo dhuguma Kiristoos sana garaa kootti, Kiristoos isa Ayyaana Qillee dhugaa keessa seenuu nan barbaada" in jettaa? Amma harka kee ol in qabdaa? Waaqayyo si haa eebbisu. Sun gaariidha. Waaqayyo isin haa eebbisu. Waaqayyo si haa eebbisu. Oo, bakka hundattin harka argaa jira.

Inni siif haa ta'u obboleessaa; siif haa ta'u obboleettii, inni siif haa ta'u fira koo; Hafuura Waaqayyootiin guutamaa. Waan namni biraa jedhuun garaagarummaa maalii qaba? Yaadadhaa, inni jireenya keessani. Bor ganama iyyuu lafarra jiraachuu dhiisuu dandeenya, hafuura amma baachaa jirruun alatti jiraachuu egeree keenyaaf wabii hin qabnu. Tarii gonkumaa hafuura biraa baafachuu dhiisuu dandeenya, ayyaana Waaqayyoo malee. Akkasumas hammam jireenya gaarii yoo jirrattan iyyuu maal fayyada…. Yesuus, "Nami lammata yoo dhalate malee, itti galuu hin danda'u" jedhe.

117 Amma, jechootni lammata dhalachuu maal akka ta'an nan beeka, garuu yeroo isaan lammata dhalatan Macaafa Qulqulluu keessatti maaltu akka ta'e qofa haa ilaallu. Pheexiroos amanaa ture, ergamoonnis amantoota turan, garuu hanga guyyaa Ayyaana Pheenxeqoosxeetti Hafuurri Qulqulluun isaan irra bu'ee boodatti lammata hin kan dhalatan hin turre. Amma, isaan maaltu ta'e jedhanii ajaa'ibsiifachaa turan, Pheexiroos immoo warra hafan hundumaan, "Isin yaa warra Israa'el, dubbii kana dhaggeeffadhaa, Waaqayyo harka Yesus nama Naaireet kanaan, hojii aangoo isaa, dinqiidhaa fi milikkita garaa garaa kan isin beektan, isin gidduutti hojjechuu isaatiin fudhatamaa isa godhe. Namni kun akka Waaqayyo dur murtoo godhetti, akka yaada isaattis dabarfamee kenname; isin immoo harka, warra seera Waaqayyoo hin beekneetiin, muka irratti fanniftanii isa ajjeeftan. Yesus kana, Waaqayyo du'aa kaaseera; nus hundumti keenya isa kanaaf dhuga-baatuu dha. Isa amma argitanii fi dhageessan kana dhangalaase, innis immoo akkaatuma Caffata Qulqulla'aatti ta'e" jedhe.

Isaan yommuu kana dhaga'anitti garaan isaanii baqaqee, "Yaa obboloota nana maal goonu ree" jedhan.

Pheexiroos immoo, "Yaada garaa geeddaradhaa!" isaaniin jedhe.

118 Amma, hiriyootni koo Kaatolikii as taa'aa jirtu, namoonni afur ykn shank an taatan kanneen an isin beeku as taa'aa jirtu. Kan irratti luba keessan waliin mari'achaan ture, tarii lub akeessan osoo hin taane, garuu luboota Kaatolikii keessaa tokko, "Yesuus aboo cubbuu dhiisuu waldattiidhaaf kenne, 'Cubbuu isaanii kan isin dhiiftaniif, cubbuun isaanii isaaniif dhiifameera; cubbuu isaaniittii kan isin hin hiikne, cubbuu isaaniitiin hidhamaniir ' jedheera" jedhe. Dhugaadha. Garuu akkamitti akka inni kana godhe, akkamitti ergamooonni ajaja isaa akka hordofan haa ilaallu malee akkaataa lubichi har'a gochutti miti.

Garuu lubni inni jalqabaa, yoo maqaa dha'uun barbaachise, Pheexiroos inni furtuu mootummichaa of harkaa qabu, akkam godhaa jedhe? Inni, "Yaada garaa keesaanii geeddaradhaa; cubbuun keessan akka isiniif dhiifamuuf, tokkoon tokkoon keessan Maqaa Yesus Kristositti cuuphamaa; kennaa hafuura Qulqulluus in fudhattu. Abdiin Waaqayyo abdachiise isinii fi ijoollee keessaniif, warra fagaatanii jiraataniif, Waaqayyo keenya gooftichi itti waamu hundumaafis" jedhee deebiseef. Waaqayyo ammallee yoo waamaa jiraate immoo, ajaja wal fakkaatu yoo hordoftan muuxannoon sun isiniif ta'a. Gumiin (congregation) akkasitti yoo amanatan, mataa keessan gadi qabadhaatii, "Ameen" jedhaa. Wanti sanaa gadi ta'e kamiyyuu Sagalichaan kan wal faallessu malee akkaataa tiksichaatti miti.

119 Gooftaa Yesuus, isaan amma harka Kee keessa jiru. Tokkoon tokkoon warra garaa isaanii banaa galgala kanaa, warri Kiristoosiin, Masiihicha hin fudhanne…. Kiristoos immoo Sagaleedha, Sagalee dibamee ifatti ba'ee mul'atedha, isan kun hunduu akka Isa fudhataniif Si nan kadhadha. Galgala kanas namni lapheen isaa banaa, kan hin qabne yoo jiraattan, Masiihicha, kennaa ayyaana Qillee isa dhugaa, kennaa ayyaana Qillee isa tokkicha Waaqayyo biyya lafaatiif kennee karaa tiksootaatiin biyya lafaatti labse, Hoolicha isaa isa aarsaa cubbuutiif kenname fudhadhaa. Halkan kana lapheen sun banaa yoo ta'e immoo yaa Gooftaa, Sagalee hara'aa kan ta'e Masiihicha keessa kaa'i. Maqaa Ilma Yesuus Kristoosiin dabarsinee Sitti laannaa. Ameen.

120 Isa ni jaallattuu? Isa ni amantuu? "Duraan dursitanii yaada keessan mootummaa Waaqayyoo barbaaduutti hidhaa! Kana malees kan barbaachisu hundinuu immoo isiniif in kennamaa."

Firoota koo, xumuruu keenyaan dura, kana dubbachuun barbaada. Yeroo baay'ee, namoonni akka hin

taanetti na hubatu. An ergaan Waaqayyo biraa fuudhen qaba, ergaa sana immoo haala kamiin iyyuu utuu hin daandeeffamin labsuutu anarra jira. Karaa malee akka hubatame nan beeka. utuu akkas hin taanee silaa, ergaa Waaqayyoo ta'uu iyyuu hin danda'u—ta'uu hin danda'u. Har'a akka doggoggoraan hubatamuuf gufuu baay'eetu jira. Waaqayyo manneen amantii (denomination) fi jaarmiyaa biyya lafaa hundumaa keessaa namoota akka qabu nan amana, akkasumas obboloota koo mormuu koo miti. Ani waggaa sadii dura as Tuksan dhufee Obboleessa keenya Gilmoree faa biratti wal ga'ee godhannee turre, achittis, "Ati waldaa asitti dhaabuuf dhuftee?" jedhamee gaafatameen ture.

Anis,"Lakki obbo. An isin gargaaruufan dhufe" jedheen deebiseef. Garuu waggaa sadii keessatti, hanga har'aatti kana hin gaafatamne. Garuu ammas akkuma yeroo sanaa, har'as isin gargaaruufan as jira. An harka isin qabuufan as jira malee, isnii wajjin jaarmiyaatti makamuufan as jira miti, Sagalee Waaqayyoo irratti yaadaa fi qalbii keessanitti dabalamuudhaan, lubbuu bade barbaadee nama sagalee keenya dhaga'uu danda'utti Wangeela lallabuuf yaaluufan as jira.

Yaa Waaqayyo, ani galagaa kana ofii koo, guutummaa eenyummaa kootii, laphee koo hundumaas dabarseen Siif kenna. Ani waanan Siif kennu hin qabu; ani ixaana, qumbii fi warqee siif kennuu hin danda'u, sababiin isaas, an isaan kana hundumaa hin qabu. Wanti ani qabu tokkichi jireenya Waaqayyo naaf laate kana duwwaadha, mana horiin nyaata Sagalichaa keessaa nyaattu isa ta'e laphee koo keessatti, kennaa ho'aa godhee jiraanya koo Isaaf nan kenna; Sagalichaa wajjinis akkan dhaabadhuuf Isaaf waadaan nan gala, hunduma isaas nan amana; kanaafis yaa Gooftaa, na gargaari. Isinis anaa wajjin akkasuma ni gootuu?

121 Yaa Gooftaa nu simadhu. Kennaa Ayyaana Qillee Kee isa ta'e Masiihiicha, Sagalee dibame kan nu bira jiraachuu Kee nuuf mirkaneessu, yaa Gooftaa, 'creed' ykn 'denomination' kam iyyuu osoo hin ilaalain Isa in fudhanna. Har'a ofii keenya in barbaaddanna, biyyi lafaa kufaa jirti, Masihii guddaan har'a harka Isaa diriirsee nu bira dhaabatee jira: Yesuus Kristoos kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana akka ta'e abdii kenne, bara dhumaa kana keessatti waldaan gurmaa'uu keessa baatee hanga Laa'odiiqeyaatti seenuutti geesseetti. Har'a isa kana argaa jirra, yaa Gooftaa.

Yaa Waaqayyo jaallatama, maal gochuu dandeenya? Maalan gochuu danda'a? anaa fi tiksoota kaan kana gargaari, Gooftaa, tiksoota Sagalichaa guutuu addunyaa keessa jiran, kan bara itti aanutti Sagalee Kee labsan gargaari. Nu gargaari Gooftaa, Si kadhannaa. Jaalala Kee, Hafuura Kee fi jireenya Kee irraa nuuf kenni. Halkan kana waamichaa Kee fi Sagalee Keetiif of kennina. Maqaa Yesuus Kiristoosiin kennaa Ayyaan Qillee Keetii in fudhanna:Sagaleen Waaqayyoo nu keessatti foon haa godhatu. Ameen.

122 Faarfannaa waldaa baay'een jaalladha. Phaawuloos Macaafa Qulqulluu keessatti, "Yeroon faarfannudhu Hafuuraan nan faarfadha. Yeroon lallabu Hafuuraan nan lallaba. Yeroon … waanan hojjedhu hundumaa Maqaa Yesuus Kiristoosiin nan hojjedha" jedhe. Kun hammam dadhabsiisaa ta'uu isaatiin…. Anis isin nan diniqisiifadha. Ani ergaa kana qabdheen dhufeera. Yeroo tokko tokko waanan dubbachuu jibbe fakkaata, garuu isa dubbachuuf diqaman qaba yaa obbolaata ko. Ani yoo kana hin goone 'hypocrite' dha. Ani yoon isa hin raawwanne, gantuu yaada mataa kootii fi gantuu amantii koo isan Sagalee Waaqayyoottii qabuu ti. Nama addaa ta'uu utuu hin taane, waamicha kootti nama dhugaa ta'uuf kana gochuun qaba. Akkasumas waanan dada'u hundaan isin gargaaruun barabaada, waanan danda'u hunda gochuun barbaada.

Amma faarfannaa gurguddaa yeroo hundumaa keessaa tokko haa faarfannu. Baay'een jaalladha, baay'een Isa jaalladha. Beektuu, utuu hundi keenya Isa jaallannee, silaa waan Inni nu gaafatu hundumaa in goona. "Waanan isin abboome utuu hin raawwatin attamitti, 'Gooftaa' naan jettu? 'Gooftaa' jettanii erga na waamtanii attamitti waanan isin abboomu hin raawwattan?"

123 Tiksoota qacaramoo warra, "Maqaa keessan galmee irratti galmeessisaa, akkasitti miseensa ta'aa; kennaa qulqulluu kana fudhaa, kana jedhaa, kana goonaan rakkoo hin qabu" jedhan dhaggeeffachuu isiniif wayyaa? Tikseen Inni guddichi immoo Ofii Isaatii, "Lammata yoo dhalattan malee Mootummaa waaqarraa ijaanuu arguu hin dandeessan" jedheera.

Mee ogeessota ti'ooloojii leenifaman bara sanaa ilaalaa, leenjifamoo! Qulqulluudhaa? Jireenya qulqulluu jiraatuu? Akkaataa isaan itti jiraatan bifa kamiinuu kan bara har'aatiin wal madaalchisuu hin qabdu. Tiksee guddichi maal jedhee isaan waame? "Isin akkuma abbaa keessanii, akkuma Seexanaa ti" isaaniin jedhe, sababiin isaas, isaan hin…. Sagalicha ni beeku turan, garuu Sagalee bara biraatiif dhufe beeku malee Sagalee guyyaa isaaniitiif dhufe hin baruu hin dandeenye.

Yeroo Nohi yoo beekan rakkoo hin qabu, inni kan bara Nohi ti; garuu inni bara Museetti hin hojjetu. Kan bara Musees bara Kiristoositti hin hojjetu. Argitanii? Kan yeroo Wesilii yeroo Luuteritti hin hojjetu. Kan yeroo Wesilii yeroo Pheexeqoosxeetti hin hojjetu. Kan Pheenxeqoosxees akkasuma, warri hafan hundumti isaanii akkasuma. Amma, guyyoota darban keessatti eenyutu gargaarsa naaf kenne? Isinan gaafdha.

124 Margi tokko yommuu mutee biqilu maal ta'uu isaati? Maal … Yommuu qamadiin mutee lafa keessa

ba'u. Yesuus, “Iji qamadii biyyoo keessa bu'ee yoo du'uu dhaabaate,”jedhe. Iji qamadii yoo biyyee keessa bu'e … ykn sanyiin qamadii yoo biyyoo keessa bu'e maal ta'a? Wanti jalqaba olba'ee mul'atu mutaa isaa ti. Inni ija sanyii biyoo keessa buufamee wajjin wal hin fakkaatu. Mee uumama ilaalaa. Inni midhaan isa dura biyyoo keessa buufamee wajjin wal hin fakkaatu, garuu baattuu lubbuu midhaanichaa ti. Wanti biqile….

Namichi Waaqayyoon hin beekne inni kitaaba beekamaa mata duree “Waaqa Cal'isaa” jedhuun barreesse akkas jedhe, “Waaqayyo erga Galaana Diimaa addaan hiruu danda'ee, yeroo ijoollee xixiqqoon waggoota kumaatama bara dukkanaa keessa, yommuu isaan leencotaan nyaataman, yommuu namoonni fannoo irratti fannifaman, adda baba'iitti yommuu ajjeefamanii fi wantootni baay;een isaan irratti raawwatamu, attamitti afaanuma Isaallee hin saaqqanne?” jedhee barreesse. Argitanii, Dubbiin Waaqayyoo mul'ata barbaada.

125 Qamadiin sun, yeroo qamadii dhugaan sun jalqaba irratti jalqabu, Waaqayyoon kufe. Dhumarrattis qamadii, calaqqisiisaa Waaqayyoo isa dhugaa, kan Sagalee Isaa guutuu calaqqisiisuu bira darbee hanga Inni Sagalee ta'uutti ni dhufe. Achiis Waaqayyo guyyaa pheenxeqoosxeetti misirroo Isaaf kenne; garuu misirroon sun bara dukkanaa keessa lafatti kufte, isheen akkauma qamadii inni dhugaa ta'e, isheenis biyyoo keessatti awwaalamte. Maaliif socho'uu dadhabde? Lafa jala waan dhokatteef, jireenyatti dhufuuf biyyoo keessatti tortoree biqiluu qaba waan ta'eef.

Garuu yeroo tokko lubni xiqqaan Maartiin Luuter jedhamu dhufee, sagalee dhugaa tokko maddisiise: “Namni qajeelaan amantiidhaan in jiraata,” sun mutuu sanyichaa ti, achiis baala biraa Ziwiingilii jedhamu baase, achiis Kaaliiviin, Nooksi jechaa itti fufe.

Tokkoffaarratti wanti beektan, lubbuun sun baala irraa gara hudgee daraaruutti seene. Amma, sun waa xiqqoo isa dhugaa fakkaata, garuu amma iyyuu sanyii dhugaa isa biyyoo keessa kaa'e wajjin tokko miti, sana hordofee Wesiliitu dhufe. Wesilii keessaa waldaan Metodistii baate, Metodistii keessaa Naazereen, United Brethren, fi kkf ba'e. Inni maal godhe? Inni ammas in kufee kan biraan of keessaa baase, inni ammaa kun midhaan qamadii isa dhugaa fakkaata ture, Pheenxeqoosxee dha.

126 Amma, Yesuusiin ilaalaa, Maatewoss 24:24 irratti, “Masiihonni sobaatii fi raajonni sobaa ka'anii yoo danda'ame warra waaqayyoof fo'aman iyyuu akka wallaalchisaniif milikkita gurguddaa fi dinqii baay'ee in argisiisu” jedhe. Amma, midhaan qamadii sun yommuu bahu, kan mudaa kan hin qabne fakkaata, namni qamadii omiishu kana ni beeka. Yommuu gadi teessanii harkaan qabdanii banatanii ilaatan garuu akkas miti. Qamadiin keessa hin jiru, qola qamadii ti. Garuu dugda duubi isaa yommuu ilaalamu, maayikroos koppii jalattti yommuu ilaalamu, miciree xiqqoo wayii arguu dandeessu, midhaanni achii dhufa. Qolli midhaanii maaliif fayyada? Inni midhaanicharraa balaa eega, utuu inni hin jirree aduun gubee ajjeessa ture, hanga midhaanichi bilchaatutti isa eega. Achiis yeroo midhaan bilchaatutti qolichi dhiibamee irraa bu'a. Garuu, hubadhaa, midhaan sun yeroo sanatti gosa midhaan isa duraa biyyoo keessa bu'ee wajjin tokko ta'uu qaba.

127 Erga haaromsa Luuter booda, Jaarmiyaa tokkotu dhufe. Erga haaromsa Wesilii booda, jaarmiyaa tokkotu dhufe. Aleksaander Ismii booda, Joon…. Aleksaader Kaampibeel, Joon Ismiiz fi kanneen hafan hunduu jaarmiyaa ta'a. Warra Pheenxeqoostaalii booda kan turan hunduu qamadii isaa dhugaa waan fakkaatan fakkaatu ture, garuu gara jaarmiyaa tokkootti dhufan. Inni maal godhe? Dhiibee bakkeetti baase.

Erga haaromsa jalqabdee waggaa kudha shan guuteera, kun seenaa keessatti ta'ee hin beeku.Akkasumas, ilaalaa, haaromsa waggaa kudha shanii kana keessatti, addunyaa guutuutti babal'ateera, jaarmiyaan tokko illees isa keessaa hin ijaaramne. Inni eessa ture? (Inni rooba isa boodaa jalqabe, battalumatti … isaa waliin du'e.) Jaarmiyaan kana hordofee hundaa'u hin jiru. Maaliif? Inni ofii isaatii ija midhaanii ti, kana booda jaarmiyaan jiraachuu hin danda'u. Qolli sanyii irraa qunca'eera, kan isa tmsu hin jiru, namni si barbaadu hin jiru. Maaliif akkas ta'a? Sana ta'uu qaba waan ta'eef.

128 Waldaan sun maaliif achi kaa'ame? Isa deeggaruuf. Eessatti … Silaa eenyutu tumsa ture? Baaptistoota, moo Pirisbiteeriyaanota, moo Luuteraanotatu duula fayyiisuu Waaqayyoof godhamu deeggaraa ture? Amma yeroo dhugaan bakkeetti ba'u maaltu ta'a? Qola sanyii miti; lubbuun (jireenyi) qola keessaa ba'ee gara midhaaniitti, gara jireenya isa dhugaatti gala. Jaarmiyaan bakkuma dhaabatetti du'a, baroota hundumaa keessatti kanumatu ta'e, inni akkasuma in du'a. Isin waggaa shantama dura jaarmiyaa keessa baatan, ammas isumatti deebitan! Garuu lubbuu dhugaan midhaan in hordofa, obboloota ko, yeroo gara dhumaa irra jirra.

129 Maaliif ofirraa achi dhiiba? Midhaan sana gara ifa aduutti (Sun) fiduuf, midhaan sun abbaa midhaanichaatiif akka bifa warqeetti akka bilchaatuu gara aduutti dhiiba. Maaliif of irraa fuudhe? Egaa, dhukkuba onnee, imimmaan isaan aduu (sun) dura hin ciifne, garuu Ilmicha (Son) dura, gara Wangeela guutuu dhugaatti bilchaatanii, waan Yesuus Kiristos Macaafa Qulqulluu keessatti abdachiise hundumaa akka mul'isaniif isaan dhukkubse malee. Har'a du'aa ka'uun foonii saba keessa jira. Kana boodas jaarmiyaan hin jiraatu, kallattiidhaan gara Laa'odiiqeyaa sooromtuutti seenama. Dhaabbanni ykn

jaarmiyaan maaliin sooromeera? Doolaara miliyoonotaan, akkasumas lubbuu miliyoonotaan badhaadheera.

Tiksichi maaliif achirraa dhufe? Obboloota isaa gabrummaa jalaa baasuuf dhufe. Ani hin beeku; yaa Waaqayyo nuu wajjin ta'I, nu gargaari. Dubbicha qo'adhaa! Caaffata Qulqulla'aa qoraa! Isaan keessatti jireenya bara baraa waan qabnu nutti fakkaata, kan waa'ee dhugaa dhugaa ba'an immoo isaanuma. Argituu, Waaqayyo Dubbii Isaa tokkoon tokkoon baraatiif qoodeera. Barri kun yeroo hunda….

130 Yesuus yeroo dhufetti maal isaaniin jedhe? Inni namoota sanaan, “Yaa warra of hin arginee nana isiniif wayyoo! Isin seenaa raajotaatiif awwaala isaanii in ijaartu, seenaa awwaalota warra qajeelotaas in miidhagsitu. Isini kan abboota keessanii ti; waanuma abboonni keessan godhan, isinis in gootu” isaaniin jedhe. Yaa obboloota ko, kun yoomiyyuu akkasumatti itti fufa.

Garuu Yesuus guyyaa tokko yeroo dhufu, tiksee hoolotaa guddaan Ayyaana Pheenxe qoosxee irraa kaasee karaa Luuter bara hundumaa keessa darbee, ifa akkuma karaa baattuu dhufutti fudhateera (baattuu hin fudhanne, jireenyicha fudhate malee, ilaalaa, keessaa ba'ee deeme), Inni furiidhaaf in dhufa. Inni ammas deebi'ee akka dhufu beekuu kootti baay'een gammada. Oo, garee Isaa wajjin lakkaa'amuu ni feetuu? Lakka'amuuf fedha qabduu? Karaan ittiin kana gootan tokko duwwaatu jira, innis miseensa waldaa tokkootti dabalamuudhaan miti, Isattii lammata dhalachuudhaan malee. “Abbaan koo anaaf kan kennu hundinuu gara koo in dhufa, Abbaan yoo isa harkisuu dhaabaate, homtinuu gara koo dhufuu hin danda'u.” Argituu, kana qofaatu jira, isa fudhadhaa. Kennaan Ayyaana Qillee ani beeku kana qofaadha, kennaan Waaqayyo biyya lafaatiif kenne, Ilma Isaa isa tokkicha. Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana, Sagalicha. Argitanii? Guyyaa kanatti Isa amanaa, guutummaa Macaafa Qulqulluutti amanaa.

131 Yeroo dhoksaawwan torban sun…. Baroootа Waldaa torban sana keessaa dhoksaawwan dhokatoo torbatu jiru. Kitaaba isaa barreessaan jira. Ogeessi ti'ooloojii guddaan tokko dhi'oo kana kana akkas naan jedhee ture, “Obboleessa koo Biraanhaam….” Seexanni karaarraa akkamitti akka isin maqsuu yaalu argituu? “Obboleessa koo Biranhaam, maal beektaa? Gooftaan waan itti aansinee gochuu qabnu akka sitti mul'isu nan amana. Inni … wanti mallattoo torban sana keessa dhokfamee jiru dhoksaa guddaa wayii ta'a” naan jedhe.

Anis, “Lakki, obboleessa koo, akkas miti” jedheen deebiseef.

“Inni waan ta'e tokko ta'a, wanti sun Sagalicha keessatti iyyuu hin barreeffamne” anaan jedhe.

Anis, “Lakki! Lakki! 'Namni jecha tokko itti dabalu, yookiis jecha tokko irraa hir'isu' kan jedhu irraanfatte” jedheen. Ilaalaa, inni durumaanuu achi keessa jira, haaromsitoonni garuu isa hin argine, isaan isa arguuf umurii dheerachuu dadhaban.

Amma baroonni xumuramaniiru, kunoo amma bara Laa'odiiqeyaa keessa jirra. Bara Laa'odiiqeyaatti immoo yaadadhaa, Inni waldaadhaa ala dhaabatee ol seenuuf balbala rukutaa ture: Hewaan Addaam ishee manaa baafte. Waaqayyo, nu gargaari. Mee kottaa Isa argachuuf iddoo buufataa irraa achi fagaannee haa deemnuu. Kottaa Isaa wajjin balabala barbaaduutti haa rakkannuu. Du;a Isaa, awwaalamuu Isaa, du'aa ka'uu Isaattis gara Isaa haa deemnu; sababiin isaas, Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana.

132 Utuu asii hin deemin faarfannaa tokko haa faarfannu. Fedha keessanii? Isa nan jaalladha. Rukuttaa faarfannichaa nuuf kennuu dandeessaa, obboleettii ko? Faarfannaa durii namoota meeqatu beeka? Ani…. Wal ga'ii keessa turtaniittu yoo ta'e, baay'een isa jaalladha.

Mee ija keenya walirra haa buufannu, waa'ee Yahwee haa yaadnu. Kan maluuf tokko illee hin turre, Isa irraan kan hafe namni tokkollee gochuu hin dadeenye. Inni gadi bu'ee daa'ima xinnaa ta'a. Inni ijoollee saafela ta'a. Inni muka-sooftuu, nama hojii ta'a. Inni hoolaa ta'a, Inni aarsaa ta'a. Inni injifannoodhaan guddifame. Akkuma Museen harka isaa qoma isaa irraa fuudhe, Waaqayyo harka Isaa laphee Isaa keessaa, iccitii isa ta'e Ilma Isaa isa dhukuuba hin fayyamne dhukkuba cubbuutiin dha'ame laphee Isaa irraa fuudhe; ammas gara qoma Isaatti deebisee, ammas immoo deebisee harka Isaa anaa fi isiniif diriirsee: “Yesus Kristos kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana.”

Amma gara Isaa ilaalaa:

Isa nan jaalladha, Isa nan jaalladha

Sababiin isaas dursee na jaallate,

Gatii fayyina koos naaf kaffale

Muka Qaraaniyoo irratti.

133 Tiksee ta'uu akka qabu nama meeqatu beeka, “Ameen” jedhaa. Diqama! Maaliif tiksee ta'e? Tiksee ta'uu qaba. Amma utuma lakkoofsuma kana ammas irra deebinee faarfannuu, teessuma nama hundumaa

bira haa ga'u. Galagala kana Baaptistoota, Luuteraanota, Metedistoota, Pirisbiteeriyaanota, Kaatoolikootaa fo kanneen kaan hudinuu as taa'anii jiru. Warka wal qabadhaatii, “Miiltoo koo, halkan kana si wajjin ta'uu kootti nan gammada” jedhaa. Waan tokko waliin jedhaa. Amma akkuma harka wal fuudhaa jirtanitti, “Waaqayyo si haa eebbisu” waliin jedhaa. Ammas irra deebinee haa faarfaannu:

Isa nan jaalladha, ……

[Teeppii irra iddoo duwwaatu jira.]

…… fayyina koos naaf kaffale

Muka Qaraaniyoo irratti.

Amma ija keenya walirra buufannee, halka keenya ol qabaa Isa haa faarfannu:

Amma gara Isaa ilaalaa:

Isa nan jaalladha, Isa nan jaalladha

Sababiin isaas dursee na jaallate,

Gatii fayyina koos naaf kaffale

Muka Qaraaniyoo irratti.

134 Amma, Waaqayyo bifa hin qabu. Egaa amma mataa keenya gadi qabannee haa faarfannu. Akkuma ijoollee xixiqqoo, isin ijoollee Waaqayyoo ti. Waan biyyi lafaa yaaduu danda'u hin ilaalinaa, isin amma waaqeffataa jirtu, isin Kiristoosiin waaqeffataa jirtu. Mataa keessan gadi qabadhaatii waaqeffadhaa. [Obboleessi keenya Biraanhaam waldaa dura bu'ee faarfataa (humming) jira: ani Isa nan jaalladha.]

Akka waan hooqamuu wayiitu isinitti dhaga'amaa? Akka waan … wanti tokko shakkii fi biyya lafaa isin irraa hon balleessinee? Wanti akkasii isinitti dhaga'amaa? Harka keessan ol qabaatii, “Wanti hunduu utuu narraa lafa dha'uu natti dhaga'ama. Waan addaatu natti dhaga'ama. Akka waanan harka isaa irraa nyaachaa jiruutti natti dhaga'amaa jira” jedhaa. Akkuma obboleessi tokko asitti, “Nyaata, nyaata tiksee, nyaata hoolaa” jedhee dhugaa ba'ee ti. Innis Sagalicha.

135 Hoolonni Waaqayyoo nyaata isaa irraa sooratu, “Namni nyaata duwwaadhaan hin jiraatu, dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'u hundumaan malee.” Kunis isa, Macaafa Qulqulluu dha. Dubbii hundumaa, dubbicha keessaa muraasa fudhannee osoo hin taane, dubbii afaanii Isaa keessaa ba'u hundumaa irraa sooranna. Oo, Sun akka isin Isa jaallattan isin hin godhuu? Amma ireenya bara baraa qabna jennee haa yaadnuu! Sichi taana miti, nuyi ammuma iyyuu ilmaan Waaqayyooti. Sichi miti, amma! Akkasumas iddoo waaqarraatti Yesuus Kristoos keessatti walitti qabamna. Akkasumas televizhinii guddaan, kan nama guutummaa biyya lafaa keessa socho'u akka iskiriinii televizhiiniitiin beekamu kan godhu dambaliin eeterii (ether) akka jiru labsa. Sagalee guddaan Waaqayyoo, Hafuurri Waaqayyoos Sagalee Waaqayyoo fuudhee, iddoo waaqarraa irraa gara hoolota Isaatti calaqqisiisa, innis, Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana ta'uu Isaa ti. Inni ajaa'ibaa mitii? Diniqisiisaa dha! Waaqayyo isin haa eebbisu.

136 Amma yeroo xiqqoo qofaaf haa dhaabbannu. (Nama kadhannaa godhamuufii qabu qabduu?) Amma, yaadadhaa, yeroo ayyaan Qilleetti Yesuus Kristoostu waaqeffatama. Humna du'aa ka'uu Isaatiin Isaaf sagadaa. Akkasumas yoon yoomiyyuu isiniif ( ati, paasteriin kee, waldaan kee, ykn waanumti fedhe) biraa faara tolaa argachuu danda'e, halkanni gonkumaa garmalee dukkanaa'uu hin danda'u, roobni gonkumaa garmalee hin roobu.

Halkan gaaf tokkoo (dubartiin tokko asuma dhaabattee jirti turte) akka malee hojiin natti baay'atee ture, dhukkubsataa fi waan baay'een hanga…. Maanguddoo gara waggaa saddeetamiitti siqxu tokkotu sammuu dhabdee ture, isheen waa'ee daa'ima qabaachuu … moo waan akkasii wayiitiif sammuu dhabdee turte. Biiliin biiroo irraa natti bilbilee, “Abbabbaa, ni dandeessaa?” naan jedhe.

Ani immoo, “Amma hin danda'u. Namootatu … ammatti gochuu hin danda'u” jedheen deebiseef.

Inni immoo, “Abbaa, gara kadhannaa deemuu ni dandeessaa? Kadhachuuf akka jettu isaanitti nan himaa” naan jedhe.

Ani immoo “Eeyyee” jedheen deebiseef. Isheenis battaluma yeroo sanaatti ofitti deebite. Raftee yommuu hirribaa damaqxu haala noormaalii ta'etti deebite; miira ishee noormaalii ta'e keessatti irbaata foon lukkuu guutuu nyaattee fixxe. Namni wayii yeroo muraasa dura waa'ee kanaa asitti dhugaa ba'aa ture.

137 Obboleess keenya Biraazer Maak, yeroo xiqqoo dura, asuma waldaa keessatti isa argeera. Inni as jira, inni paasteroota keessaa tokko, paasteroota naannoo (local) keessaa tokko. Obboleessa jaallatamaadha, Biraazer Maakiin guyyaa gaafan tajaajila jalqabee kaaseen jaalladhe. Sana boodaa kanan

isa quunname….

Gara Biritish Kolombiyaatti ol ba'een ture; akkamitt Waaqayyo waan hundumaa akka hojetu isinittan agarsiisa. Ani durumaanuu farda yaabbadheen ture, gara lafa onaa bakka ani garee guutuu warra Hindii gara Waaqayyootti deebisettin deebi'ee deemaa ture; hundumti isaaniis jijjiramanii Yesuusiin fudhataniiru.

Akkasumas raajii gurbaa Hindii fardi isaa duraa baddetti himeen, waggaa lama dura, eessaa akka ishee argatu, hammam fagaattee akka jirtu. Fardattiin eessa akka dhaabattee jirtun itti hime. Haati isaa dhukkuba onneetiin du'uuf deemaa jirti turte. Isheenis foonii fu lubbuudhaan fayyite. Gurbaan sunis akkaatadhuma itti himametti, deemee bakkuma itti himamee farda isaa argatee ture.

138 Gooftaan jecha tokko dubbatee takkaa…. Hunduma keessan nan gaafadha, “Wanta Inni dubbadhu anaan jedhee, anis dubbadhe keessaa, wanti akkaatuma sanaan hin raawwanne tokko jiraa?” Sirriidha yoo ta'e, “Ameen” jedhaa. Argitanii? Argitanii? Dhibbaa dhibbatti, inni gonkumaa yeroo tokko illee utuu hin raawwatin hafee hin beeku.

Braazer Maakis dhukkubsatee ciisee sadarkaa du'aa irra waan ga'ee tureef, haati manaa isaa Biilii … haadha manaa ilama kootii waamtee, eessa akkan jiru gaafatte; giiftiin jaallatamtuun sun haadha manaa isaati. Isheenis … intalli koos (haati manaa ilma kootii), “Inni kaaba biritish Kolombiyaa adamoof deeme” jettee itti himte.

Ganama sanas, akkaataa kamiinuu farda sana yaabbadhee ba'uu hin dandeenye. Achiis Biiliin, “Ammas al tokko gara manaatti akkan bilbile nan amana” jedhe. Innis bilbiluuf gara mana poostaatti ol ba'e. Kunoo immoo fiigaa deebi'anii dhufan, yeroo mucaan Hindii xiqqaan achi dhaabatutti, mucaa xiqqaan … namni farda qabee jiru tokko, “Biraazer Maak dhukkubsatee du'uuf afaan boollaarra jira, kanaaifis si waamaa jira” jedhe.

139 Anis irraa bu'ee, bosona keessa achi deemee jilbeenfadheen, “Yaa Waaqayyo jaallatama, gooda kanaa, biyya kana keessa fagaanya maayilii kuma sadii irra, kutaa biyyaa aduu qabdu Ariizoonaa, Tuksan keessa, obboleessa tokkotu jira, innis qarqara boolla du'aa irra jira. Isa gargaaruun fedha Keetii?” jedheen kadhadhe.

Yeruma sana wanti ta'e natti dubbatee, “Hunduu nagaa dha” naan jedhe.

Guyyaa biraa gara Biraazer Maakiin dhufee isaa wajjin haasetti, “Wanti sun sa'aatii meeqatti raawwate?” jedheen gaafadhe. Taateen sun kan ta'e yeroodhuma nuyi kadhannaaf deemnetti akka ta'e natti hime.

Oo, Inni dinqisiisaa mitii! Inni kaleessa isa ture, har'as bara baraanis isuma sana. An fuula Mootichaa dura jiraachuu kootti baay'een gammada.

140 Amma mataa keenya gadi haa qabannu, obboleessi quxisuun qaaliin tokko as jira, inni michuu kooti, mishiineriidha, inni miseensa waldaa Assembiliis oof Goodi ti, obboleessi koo quxisuun qaaliin as jira. “Creechy” jedheen isa waama. Inni waan akkas namatti tolu dubbate. Obboleessa 'creech', akkas jedheen si waama. Ani maal akkan jedhu hin beeku, ati rakkina guyyaa dhumaa kana keessatti obboleess koo fi tajaajilaa Yesuus Kiristoos ta'uu keetiin miiltoo kooti. Waaqayyo si haa eebbisu. Akkuma mataa keenya gadi qabannee jirrutti, obboleessi keenya Tooniin akka natti himetti, as dhuftee sagantaa keenya guyyaa har'aa nuuf goolabda. Ba'eessa.

MESSAGE hub online

Kan Lallabame

Williyaam Maariyoon Biraanhaam

"... bara malaakanni afuufamutti..." Mul. 10:7

www.messagehub.info